



Hayilamika'el Taaddasaa



Kaardinaal Birhaanayesuus Surafeel



Hajji Sulxaan Amaan Eebbaa



Paastar Tsaadiquu Abdo



Doktor Qana'aa Lammii

“Jibbarraa bilisa taane ayyaanota kabajuu qabna”

- Abbootii amantii

Taammiruu Raggasaatiin

Finfinnee: Abbootiin Amantii ayyaanota fuuldura keenya jiran jibbaafi haaloorraa bilisa taanee kabajuu qabna jedhan.

Abbootiin amantii Kaatolikii, Musliimaa, Ortodoksii, Pirotestaantiifi Waaqeffataa bara haaraa sababeffachuun ergaa dabarsaniin

akka jedhanitti, dhala namaa bira darbe uumamni hundi waan nagaya barbaaduuf namni sadarkaa dhuunfaasaatii jalqabee nagaya labsuun biyyaafis nageenyi akka ta'u tumsuu qaba.

Mana Amantii Ortodoksii Tawaahidoo Itoophiyaatti Barsiisaan Wangeelaa Hayilamika'el Taaddasaa akka jedhanitti,

namni yoo keessisaa qulqullaa'e mataasaatiif, maatiisaafi biyyaaf gaarii yaada, namoota hundaafillee ninaha. Kanaaf ayyaanota fuuldura keenya jiran kabajuuf qophaa'uun dura namootni keessa ofii ilaaluu qabu.

Uffataafi maallaqa walii kennuu dandeenya, hundaa ol garuu waan walii kenninurra barri

moofaan akkuma bara haaraatti jijjiiramu jibba jaalalatti, haaloo dhiifamatti, gara jabina garalaafummaatti jijjiirree, kan qabnurraa walii qoodnee ayyaanota miira obbolummaatiin kabajuu qabna jedhaniiru.

Pirezidaantiin Mana Marii Dhimma Islaamummaa Bulchiinsa Magaalaa

Gara fuula 23tti



Komishinara Ittaanaa Malaakuu Faantaa

Ayyaanonni bara haaraa duudhaasaanii eeggatanii akka kabajamaniif qophiin taasifameera

Gammachuu Kadriin

Finfinnee: Ayyaanota jijjiirama bara haaraa, Masqalaafi Irreechi duudhaasaanii eeggatanii akka kabajamaniif qaamoleen nageenyaa biyyattii qophii taasisuu ibsan. Lammiilee hundaafis ergaa бага bara haaraa nagaan geessanii dabarsaniiru.

Komishinari Jeneraalaa Ittaanaan Komishinii Poolisii Federaalaa Malaakuu Faantaa Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, ayyaanonni bara haaraa duudhaasaanii eeggatanii akka kabajamaniif komishinichi qophii xumureera. Raayyaa Ittisa Biyyaa, qaamoleen nageenyaa naannoleefi ummata waliin ta'uudhaan hojiin nageenyaafi olaantummaa seeraa kabachiisuu milkaa'an galmaa'uu ibsaniiru.

Gara fuula 23tti

Finfinnee kaleessa Oromoon dabaan keessaa buqqifamaa turetti feestivaala Goobeefi Shinooyyee deebisnee bilisummaan kabajaa jirra

Wayinisheet Kaasaatiin

Finfinnee: Finfinnee kaleessa Oromoon dabaan keessaa buqq'a'e keessatti feestivaala Goobeefi Shinooyyee deebisnee bilisummaadhaan kabajaneerra jedhan Hoggantuun Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Aade Jamiilaa Sinbiruu.

Feestivaalli Goobeefi Shinooyyee marsaa 6ffaa walta'iinsa Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaaafi Dhaabbata Boraatii Artii Piroomoshiniitiin Finfinnee, Giddugala Aadaa Oromootti qophaa'e kaleessa eegalameera.

Saganticharratti haasaa kan taasisan Aade Jamiilaan, ummanni Oromoo ummata

Gara fuula 23tti



Riifoormii taasifameen biyya cabiinsa rogawwan maraarraa baraaruu danda'ameera



Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Riifoormii damdaneessa taasifameen biyya cabiinsa roga maraarraa baraaruu danda'amu Pirezidaantii Ittaanaan Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Awwaluu Abdii ibsan.

Obbo Awwaluu, Qaammeen 2 mataduree “Riifoormiin Tajaajila Caalmaa” jedhuun sadarkaa naannoo Oromiyaatti kaleessa kabajamerratti haasaa taasisaniin

Gara fuula 22tti

ODUU

Ayyaana bara haaraatti beeyilada qalma kuma 629 oltu gabaaf dhiyaata

- Lukkuu miliyoona sadiifi killee miliyoona 20 ni dhiyaata

Gammachuu Kadiriin

Ayyaana ummataa ta'e jijjiirama bara haaraan walqabatee dhiyeessii omishaalee kabaja ayyaanaaf oolani yeroo maraa xiyyeeffannaa ummataati.

Qaala'iinsi jireenyaa hanqinna dhiyeessii mudatu gaba ayyaanaatti baasii dabalataaf ummata akka hinsaaxile mootummaa hojii bal'aa hojjetaa ture, ammas hojjetaa jira. Omishi bakka itti omishamerra ka'ee cancala gaba keessa darbee shamattoota bira kallattiin akka ga'uuf mootummaan dhaabbilee dhiyeessii garagaraa hundeesseera.

Adeemsa daldalaa keessati hanqinni namtolcheefi uumamaa yeroodhaa gara yerootti ta'uun qaala'iinsa gatiif omishaaleef sababa utuu ta'uun beekamaadha. Akka addunyaattis waraanni Raashiyaa Yuukireen gidduutti mudachaa jiru Itoophiyaa dabalatee biyyoota hedduutti dabaluu qaala'iinsa gatiif sababa ta'eera.

Haa ta'uutti, Itoophiyaatti qaala'iinsi sababaafi bu'uura dinagdee hin qabne maqsuuf caasaaleen mootummaa sadarkaan jiran daldala sirna qabeessaa taasisuuf hojimaata diriirsanii cinatti dhiyeessii gabbisuurratti hojiiwwan bal'aan hojjetamaniiru.

Hogganaa Ittaanaa Biiron Daldala Oromiyaa Obboo Tasfaayee Gashoo Roobii darbe Gaazeexaa Bariisaaf akka ibsanitti, gaba ayyaanaa bara haaraa 2017tti sababeeffachuudhaan qaala'iinsi gatii omishaalee galtee ayyaanaa ta'an akka hinqaalofneef biirichi hojiiwwan garagaraa hojjeteeera.

Gaba ayyaanaa bara haaraa (2107) sababa godhachuun qaala'iinsi gatii akka hinuumanneef



Finfinneetti omisha Giddugala Horsiisa Beeyiladaa naannawa Koyyee Faceetti argamu

caasaalee daldalaa naannicha keessa jiran waliin marii geggeeffameera. Karoora hojii gabaabaa gaba ayyaanaa ittiin hordofamuufi to'atamu, bakkewwan oomishaaleen qonnaafi industirii itti dhiyaatan qophaa'aniiru. Poteenshaala omishaalee magaalaa yookiin godinaalee adda baasuufi walitti hidhamiinsi gaba akka uumamu himanii; gabaawwaan sanbataa 378rratti omishaaleen akka dhiyaatuuf haalli mijatee jira. Dabalataanis, baazariwwaan adda adda geggeeffaman dabalatee magaalaa Finfinneetti giddugala gaba omishaalee qonnaa Saariis, Saarbeetiifi naannawa 24 jedhamuutti omsihi shamattootaaf nidhiyaata jedhaniiru.

Bakkeewwan walittihidhamiinsi gaba uumame dabalatee beeyilada qalma (Sangaa. re'eefi hoolaa) kuma 629fi 099, lukkuu miliyoona sadii, killee miliyoona 20 gabaaf akka dhiyaatu himanii; zayita nayaataa liitira miliyoona 40 karaa mootummaa akka dhiyaatu ibsaniiru.

Bulchiisa Magaalaa Finfinneetti Abbaa Adeemsa Hojii Giddugala Horsiisa Beeyiladaa Doktor Tsaggaa Lammaa akka ibsanitti, giddugalichi gatii omishaalee galtee gaba ayyaanaa ta'a akka hindaballeef xiyyeeffannaa kennuu qophii

barbaachisaa taasiseera.

Giddugalichi sababa babal'ina magaalaa Finfinneettiin waqabatee namoota qe'eerraa kaafaman deebisanii dhaabuu jireenyasaanii fufsiisuuf damee hojii loon horsiisuu, lukkuu horsiisuu, omisha annaniirratti waldaalee gurmeessuun hojii guddaa hojjechaa jira. Omishi giddugalichatti omishamus qulqullinsaa eegee gatii madaalawaan hawaasaaf dhiyaachuun qaala'iinsa gatii guyyaa ayyaanaa dabalatee mudatu hir'isuuf shoora olaanaa taphachaa jira.

Yeroo ammaa giddugalichi, guyyaattii killee kuma 20 ol omishaa jiraachuu himanii; omisha gaba ayyaanaa sababeeffachuun omishaman dabalatee hanga guyyaan ayyaanaa ga'utti killeen kuma 500 ol gabaaf akka dhiyaatu ibsaniiru.

Lukkuu foonii kuma 15 ol, sangoota qalmaaf ta'an 104 akkasumas, omisha annanii guyyaatti liitira 850 ol omishamee dhiyaachaa jira. Omishi giddugalichaa kan dhiyaatu magaalaa Finfinneef qofa utuu hintaane sadarkaa biyyatti magaalaa Maqaqalee, Adaamaa. Godinaalee Wallaggaatti akka fe'aman himanii; sagantaa maaddii guutuun wabii midhaan nyaataa mirkanessuu keessatti

shoora olaanaa qaba jedhaniiru.

Utuu giddugalichi omishuu hin eegaliin gatiin killee tokkoo hanga qarshii 15tti gurguramaa ture. Erga giddugalichi omisha killee gabaattii dhiyeessuu eegalee booda gatii killee tokkoo gara qarshii saddeetiitti gadbu'uu danda'eera. Ammas giddugalichi qarshii saddeetiin gurguramaa jira. Giddugalichi carraa hojii umuu, qaala'iinsa gatii hir'isuu dabalatee gumaacha olaanaa gumacahaa waan jiruuf naannolee adda addaaf muuxannoo hiruun fakkeenya ta'aa jira. Kanaaf, omisha giddugalichaa Baazarii Finfinnee Addabaabaayi Istaadiyoomiitti qaammee 1-4tti hawaasi ba'ee omisha qulqullina qabu gatii madaalawaan akka bitatu waamicha dhiyeessuun ergaa бага geessanii dabarsaniiru.

Obbo Toofiki Rashir Furiirraa dhufuun baazarii bulchiinsa magaalaa Shaggar qopheesserratti argamuu waan ayyaanaaf isaan barbaachisu utuu bitatani akka nuuf ibsanitti, baazariichi dhiyootti argamuu isaaniif faayidaa akka qabu ibsaniiru.

Gatiin omisha suuqiirraa gurguramuufi bakka baazarii garaagarummaa qaba shamattootaaf gaariidha gabaan akka kanaa omishaalee galtee ayyaanaa qofa utuu hintaane akaakuu hundaan utuu ittifufee gaariidha jedhaniiru. Barri haaraan bara nagaafi badhaadhiinaa akka ta'u hawwisaanii ibsanii ; naga milkeessuuf hundumtuu nageenyaaf dhaabbachuu qaba jedhaniiru.

Adde Almaaz Taaddasaa baazarii akka kanaa waan barbaannu nannawaa keenyatti akka argannu nutaasisa, gatiinis gatii suuqiirraa garaagarummaa qaba kanaaf cimee itti haafufu jedhaniiru. Barri haaraan bara nagaafi araari ittibu'uu akka ta'u hawwiisani ibsaniiru.

Ergaa bara haaraa (2017) paartiilee siyaasaa morkattootaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Paartiileen siyaasaa morkattootaa bara haaraa 2017 ilaalchisee gama nageenya, dinagdeefi hawaasummaan hawwii qaban ibsan.

Paartiilee kunneen Wiixata darbe, barri haaraan 2017 Itoophiyaaf bara nageenyi waaraan itti dagaagu, guddinni dinagdee saffisaan itti galmaa'uufi hariiroon hawaasummaa itti gabbatu akka ta'u hawwii qaban Gaazeexaa Bariisaaf ibsaniiru.

Dura taa'aa Ittaanaan Paartii Kongirasii Federaalawaa Oromoo Obbo Mulaatuu Gammachuu akka jedhanitti, Itoophiyaan bara 2016 gaaga'ama kanneen akka balaa lolaa, sigiga lafaa akkasumas walittibu'iinsawwan badii lubbuuf sababa ta'an hedduu keessummeesiteetti. Sababa rakkoo nageenyaan buqqatiifi badiin lubbuu dhaqqabeera. Miseensota paartiisaanii dabalatee dararaan ummata nagaarra ga'eera.

Akka paartiisaaniitti bara 2017tti hunda caalaa nageenyi waaraan biyyattii keessatti hundeen akka lafa qabatu hawwiisaanii qofa osoo hintaane qoodasaanii ba'uuf akkuma kana duraa ifaaja kan taasisan ta'uu himanii; mariin nageenya waressuu kana dura mootummaafi ABO Shanee gidduutti taasifamee firii malee goolabame akka ittifufu hawwiisaanii ta'uu eeraniiru. Jibbaafi tuffiin daandii naga dhiisani



Obbo Mulaatuu Gammachuu

afaan qawweetiin walfixuun hafee mareefi marabbaan waliin jiraachuufi hawaasa tajaajiluun hojjiisaanii qofa osoo hintaane hawwiifi kadhatasaanii ta'uu himanii; barri kun bara itti sababa garaagarummaa ilaalchaan miidhaan biyyaafi lammiirra ga'u dhaabatee hunduu nagaafi jaalalaan waliin jiraatuufi waliin hojjetu akka ta'u dhaamaniiru.

Gorsaan Tarsiimoo ABO Obbo Ibsaa Nagawoo gamasaaniin akka jedhanitti, bara haaraa dhufutti nageenyi tasgabbaa'ee Saboota, Sublammootaafi Ummattooni biyyattii nagaan fuulasaa gara misoomaatti akka deebisu hawwii paartichaati. Paartichi gaaga'ama qabsoo afaan qawween mudatu hubatee qabsoo daandii naga filate. Nagaan dhala namaaf qofa osoo bineensa



Obbo Ibsaa Nagawoo

bosonaafuu barbaachisaa waan ta'eef mariin biyyaalessaa milkaa'ee tasgabbiin akka bu'u hawwuun dabalata cimani kan hojjetan ta'a.

Sirnoota darbanitti aadaan mariifi marabbaa akkasumas filannoo dimokraatawaa waan hinjirreef ABO qabsoo hidhannoo dirqamuu yaadachiisani; har'a garuu bakka dirreen siyaasaa sagaleen ummata itti kabajamuufi ummatni abbaa maluuf filachuuf mirga guutuu qabu uumamuusaanii ABO qabsoo karaa nagaatti akkuma deebi'e qaamoleen qabsoo hidhannoo gaaga'ama dhaqqabsiisaa jiran qabsoo daandii nagaatti akka deebi'an dhaamaniiru.

Sababa walddhabii siyaasaan badiin lubbuu dargaggoota kumaatamaa dhaabbatee milkaa'inni dinagdee keessattuu gama



Obbo Zarihuun Gabragizaabeer

misooma qamadiin argame omishaalee biroonis dabalame dinagdee iyyeessotaafi soressota haala madaalawaa ta'een jiraachisu uumuuf sochiin taasifamaa jiru cimee akka ittifufu yaadachiisaniiru.

Pirezidaantiin Paartii Tokkummaa Biyyaalessaa Itoophiyaa Obbo Zarihuun Gabragizaabeer, bara 2016 balaan uumamaafi namtolchee Itoophiyaa mudate bara 2017tti dhidhimee Itoophiyaan biyya nageenyaafi guddina dinagdee fakkeenya taatu akka ta'u hawwii qaban ibsaniiru. Mootummaan sagantaa Ashaaraa Magariisaatiin milkaa'ina akkuma galmeessee, gama nageenyaanis garaa bal'atee qaamolee hidhatanii rakkoo uumaan jiran waliin walddhabii jiru akka furus dhaamaniiru.

Itoophiyaafi Chaayinaan waliigaltee waloo 17 waliif mallatteessan

Riipportara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Itoophiyaafi Chaayinaan waliigaltee waloo 17 waliif mallatteessuu Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmad ibsan. Fooramiin walta'iinsa Chaayinaa-Afrikaa magaalaa guddoo Chaayinaa, Beejiingitti geggeeffame.

Minitirri Muummee Doktor Abiyi Ahmad fooramicharratti argamuudhaan Pirezidaantii Chaayinaa Shii Jiinpingi waliin mari'ataniiru. Mariisaaniitiins biyyoonni lamaan waliigaltee waloo 17 irratti waliif mallatteessuu ibsaniiru.

Akka ibsa Doktor Abiyi, walta'insa biyyoota lamaanii (Ito-Chaayinaa) cimsuuf Ministirri Muummee Chaayinaa, Lii Kiyangi waliin marii bu'aa qabeessa taasisaniiru. Walta'iinsi geggeeffame walta'insa gama qonnaan jiruuf hojimaata ammayyoomsuufi omisha dabaluuratti fedhi Itoophiyaa ta'uun akka ibsaniif ibsaniiru.

Dabalataanis, misooma Industiriif deggersi dijitaalaaizeeshinii akka barbaachisu mar'achuu himanii; waliigalteen biyyoota lamaan gidduutti galmaa'e walta'iinsa tarsimoo Itoophiyaafi Chaayinaa gidduu jiru akka hinjijjiiramneef shoora olaanaa qaba.

Pirezidaanti Shii Jiinpingi gamasaaniin, Chaayinaa Afrikaa waliin tumsa industirii, qonnaa, bu'uuraalee misoomaa, daldala, fayyaa, misooma neetworkii qunnamtii, misooma magariisaa, nageenyaafi investimantii irratti cimsuuf qophiidha. Kanaafis, Chaayinaan waggoota sadan



dhufanitti biyyoota Afrikaaf faayinaansii haaraa bifa liqiifi deeggsaatiin doolaara biliyoona 51 akka dhiyeessitu ibsaniiru.

Kana milkeessuufis pirojektota bu'uuraalee misoomaa 30 deggeruun carraa hojii namoota miliyoona tokkoof uumuuf waadaa galuu himanii; Itoophiyaa dabalatee biyyoota Afrikaa biroon tumsa deggarsa taasifamurraa fayyadamoo ta'u jedhaniiru. Hariiroon dippilomasii gama kanaan tasifamu walittidhufeenya Chaayinaafi Afrikaa gara sadarkaa olaanaatti akka ceesisu odeeffannoon miidiyaaleef kennaniin hubachiisaniiru.



Afdaneessummaan carraa malee yaaddoo hinta'u

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan biyya sabootaafi sablamootaa waan taateef afdaneessummaa hojiittii hiikuun filannoo osoo hintaane dirqama. Oromoon saba guddaa biyyattii ta'ee osoo jiruu hanga har'aattuu handhuurasaa Finfinnee keessatti afaansaan fayyadamuun akka cubbuutti warra ilaalantu jiru. Haa ta'u malee, afaanota hedduu barachuun carraa jiruufi jireenyaa akkasumas hariiroo obbolummaa daran jabeessa.

Dhiyeenya kana qorannoon Sirni barnootaa Afaan Oromoo haala adeemsa baruufi barsiisuu manneen barnootaa Finfinnee keessatti Afaan Oromoo barsiisan irratti xiyyeeffate walta'iinsa bulchiinsa magaalaa Finfinneefi Yuunivarsiitii Barnootaa Kotobeen ifoomeera. Dhimma kanarratti Pirezidaantiin Yuunivarsiitii Kotobee Biraanemasqal Xannaa (PhD) Kamisa darbe Gaazeexaa Bariisaa waliin turtii taasisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, biyya sabdaneettii, Itoophiyaatti qulqullinni barnootaafi dagaaginni afaanii dhimmoota xiyyeeffannoo addaan itti adeemamuu qabuudha. Biyyanatti cabiinsi qulqullina barnootaa cabiinsa afaanii walitti dhufeenya kallattii qabu.



Doktor Biraanemasqal Xannaa

Waa'een cabiinsa barnoota biyyattii kallattiilee adda addaatiin dubbatamaa tureera, bu'aasaatiinis ilaalleerra. Gama amala barataatiinis waanuma hubatamaa jiruudha. Mootummaan hanga sirna barnootaafi qormaataa jijjiirutti hojii bal'aa hojjetee. Walumagalatti, qaawwaa barumsa idilee duraarraa eegalee uumamee kan cabiinsa barnootaaf sababa ta'e kana keessaa bahuuf barri 2017 bara hojii guddaan hojjetamuu qabas jedhaniiru.

Qaawwaa kana cufaa afaaniin walqabatees kallattiin Ministeera Barnootaatiin kaa'ame waan jiruuf sadarkaa Iffaattis ta'e 2ffaatti walharkaa fuudhiinsa raawwannu keessatti qulqullinni barnootaa hineegamu taanaan



Doktor Yohaannis Bantii

rakkisaadha. Qulqullinni barnootaa mirkanaa'uu jechuun barataa gahoome uumuuf barsiisaan gahoome jiraachuu qabna.

Barsiisaan gahoome kun ammoo lafumarraa kan argamu miti. Barumsi keenya yaadiddama (tiyoorii) ta'eera. Barumsi keenya tuttuqaa ta'eera. Tuttuqaan kun ammoo ijoollee barumsa guutuu, beekumsaafi dandeettiifi naamusa guutuu kan gonfachiisu miti.

Kanaafuu, gama barattoota beekumsaafi ga'umsa ga'aa gonfachiisuutiin akkasumas ilaalcha barnootarratti qabnu jijjiiruutiin xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba. Barnoota malee biyya ceessisuu, hiyyummaa

mo'achuun, addunyaatti gadi ba'uun hindanda'amu jedhan.

Pirezidaantiin Waldaa Barsiisota Itoophiyaa Yohaannis Bantii ('PhD') gamasaaniin akka jedhanitti, baroota darbanitti waliingahiinsa manneen barnootaatiif malee waa'een qulqullina barnootaa dhimma dagatamee turedha. Galteen barnootaafi istaandaardiin manneen barnootaa bakka hinqaban ture. Barsiisotaafis xiyyeeffannaan kenname daran gadaanaa ture. Rakkoolee walxaxoon kunneen oolani bulanii kufaatii ququllina barnootaaf ka'umsa guddaa ta'aniiru.

Ammaan tana yoo xiqqaate sirni barnootaafi qormaataa jijjiirameera, istaandaardii manneen barnootaa naannolee akka Oromiyaafaatti sadarkaa fakkeenyummaa qaburratti argama. Jireenya barsiisotaa fooyyessuuf daballii mindaa qofa osoo hintaane haalli mana jireenyaa itti argatan hojjetamaa jiraachuu himanii; yeroo ammaa barsiisotni biyyattii kuma 100 ol ta'an mana jireenyaa argachuu yaadachiisaniiru.

Finfinneetti barnootni Afaan Oromoon kennamuu eegaluun biyya sabdaneettii taatee keessatti hariiroo hawaasummaafi dinagdee cimsuu cinatti daa'imman saba afanicha dubbatarraa dhalataniif kallattii qulqullina barnootaa mirkaneessuuf shoora olaanaa qaba jedhaniiru.


Mijuu

BARIISAA SANBATAA Qaam'ee 2 Bara 2016



**Sirba
Qaammee**

fuula 15



**“Asallaa akkuma Finfinnee
hawwattuu taasisuuf hojiitti jirra,
ibsaafi misoomni kooriidarii
xumurameera”**

- *Obbo Simee Tsaggaayee*

fuula 6



**“Bara haaraa kanatti
carraawaniifi
wal'aansoo dura keenya
jiraniif of qopheessuu
qabna”**

- *Doktar Zarihuun Gabiree*

fuula 14

KEESSUMMAA BARIISAA

“Asallaa akkuma Finfinnee hawwattuu taasisuuf hojiitti jirra, ibsaafi misoomni kooriidarii xumurameera”

- Obbo Simee Tsagaayee

Waasihun Takileetiin

Misooma magaalotaa akka biyyaatti mootummaan qabatee ka'e milkeessuuf warraaqsa eegaleen jijjiiramni magaalaa Finfinneetti galmaa'aa jiru waan ajaa'ibaati.

Namni Finfinnee kaleessa beeku har'a osoo dhufee argee addunyaa haaraa keessa kan gale taasissee kan ilaalu yoo ta'u, milkaa'ina gama kanaan galmaa'eef hojii kutannaa siyaasaa Kantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanachi Abebeen fudhatame magaalota biroo Itoophiyaaf fakkeenyummaan kan ka'u ta'ee tajaajilaa jira.

Finfinneen kaleessa keessa taa'uuf miti keessa darbuufuu funyaan nama qabachiistu, gola hattuun itti nama rakkistu turte har'a ijaarsawwan ammayyaan faayamtee, bu'uuraalee misoomaan faayamtee, teknoloji ammayyaan tikfamaa miidhagdee fagoorraa mul'achuun qalbii kan nama hawwattu taateetti.

Milkaa'inni Finfinneerratti galmaa'e magaalaa Asallaarratti akka dabalamuuf kutannaan hojjetamaa jiraachuu Kantiibaan Magaalaa Asallaa Obbo Simee Tsagaayee gaafdeebii Bariisaa waliin taasisaniin himaniiru.

Asallaa akkuma Finfinnee magaalaa miidhagduu teknolojiin dijitaalaa keessatti babal'ate, alseerummaan kan keessa hinjirre taasisuuf sochiin akka magaalichaatti jiru maal fakkaata isa jedhuuf gaafdeebiin taasisne kunooti.

Bariisaa: Asallaan jijjiiramaa as maalirra jirti akkamiin ishee ibsiti?

Obbo Simee: Asallaan magaalaa guddoo Arsii ilmaan sabaafi sablammii hedduu of keessatti hammattee jiraachistu yoo ta'u, jijjiiramaa as hawaas dinagdeen, siyaasaan fayyadamaa taatee xoofoo jijjiiramaa akka biyyaatti jiru keessaa dhandhamaa imala haaromsaarra jirti.

Bariisaa: Asallaa akkuma Finfinnee magaalaa miidhagduu, hawwattuu taasisuuf kutannoon hojjetaa jiraachuutu himamaa jiraatii maaltu isin kakaase; karoorri gama kanaan qabattan maalirra jira?

Obbo Simee: Asallaa akkuma Finfinnee miidhagduufi hawwattuu taasisuuf kan nukakaase fakkeenymmaa Kantiibaa magaalaa Finfinnee Aadde Adaanachi Abebeeti.

Aadde Adaanachi Finfinnee akkuma maqaashii habaaboo fakkeessuuf karoofatanii hojiitti yoo galan maaltu hojjetamaa, ijji keenyi maal arga, gurri keenya maal dhaga'a jechaa kan turre hedduudha.

Isa jechoota afaaniin dubbatame sana yeroo gabaabaa keessatti qabatamaan hojiitti hiikuun Awurooppaa fakkeessusaaniin akka raajeffannu kana malees nus kutannoon magaalaa keenya akka misoomsinuuf sababa nuu ta'eera.

Bu'uuruma kanaan Asallaa akkuma Finfinnee imala jedhuun bu'uuraalee misoomaa magaalattii, tajaajila ibsaa, bakkeewwan oolmaa dargaggootaa hawwataa taasisuu pirojektonni qabaman yeroo gabaabaa keessatti akka xumuramaniif kutannaa Aadde Adaanachirratti hundoofta hojiitti seenneerra. Gama kanaan bu'aan miidhagina magaalaa Asallaa dachaan dabaluu galmaa'aa jira.

Bariisaa: Milkaa'inoonni miidhagina magaalattii olkaasanii mul'isaa jiran maal fa'i, maal maaltu hojjetame?

Obbo Simee: Tajaajilli ibsaa, daandiin konkolaataafi kan imaltootaa, bakka oolmaa dargaggootaa misooma qarqara lagaa kanaan dura ture ijaafis gurraafis kan tolu hinturre.

Dhimmoota ijoo miidhagina magaalattii huban adda baasnee irratti hojjechuun miidhagina magaalaa Asallaa olkaasneerra ammas ittuma jirra.

Tajaajila ibsaa magaalaa keessaa hawwataafi sadarkaasaa kan eegate taasisuuf baasii miliyoona 51 ol ramaduun halkan guyyaa fakkeessineerra. Daandiin konkolaataafi kan imaltootaa waan adda baheef halkanis ta'e guyyaa sodaa malee bashannanuun danda'ameera, miirri jiraattota magaalattii kan namatti toluudha.

Bariisaa: Miidhaginaafi simboo magaalaa kan nyaatan keessaa dandiirratti qulqullaa'uun hudhaa hammaataa akka biyyaatti turedha. Rakkoo kana furuuf malli taa'e maali?

Obbo Simee: Ejjennoo, “Kan daandiirratti fincaa'u sareedha” jedhuun manneen qulqullina hawaasaa akka misooman taasisaniiru. Bakkeewwan kanaan dura fincaaniin manca'anii turan qulleessuun hawwataafi bakka qalbii nama hawwatu taasisneerra. Hojiin hubannoo uumuus miidiyaaleen barreeffamaan kennameera. Jijjiiramni ilaalchaafi yaadaa jirus kan nama gammachiisuudha.

Bariisaa: Misoomni daandii keessoo magaalattii maal fakkaata?

Obbo Simee: Bakki kuusaa balfaa haalaan akka qophaa'u ta'eera. Hordoffii qaba. Kana malees daandii keessoo kanaan dura balfaa dhooqqeen guutamee ture maallaqa olaanaa itti baasuun kiiloometira 40 irra deebiin ijaarameera.

Bariisaa: Dhugaa dubbachuuf Asallaan daran jijjiiramteetti. Nutis ilaalleerra. Haata'u garuu pirojektonni magaalattii yeroo qabameef keessatti bajata ramadameefin qulqullinaan xumuramuurratti maal fakkaatu?

Obbo Simee: Guddina magaalotaa maseensaa kan ture keessaa inni ijoon pirojektonni yeroo qabameef keessatti bajata ramadeefi qulqullinaan xumuramuu dhabuun isa ijoodha.

Erga hudhaa kana adda baasnee hubannee



Suurri: Gabbaaboo Gabreetiin

booda xiyyeeffannoo kennuufin hordoffiifi deeggarsa walirraa hincinne gochuun yeroo qabame, bajata ramadameefi qulqullinaan akka xumuraman gochaa jirra.

Pirojektoota jalqabaman haalaan xumuruu isa jedhu tarkaanfii akka mootummaatti gaaraa kaasee fudhatamaa jiruufi bu'aa galmaa'aa jiru giddugaleeffannee hojjetaa jirra. Akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle gamoo waajjira kantiibaa abbaa darbi afurii ji'a jaha keessatti xumuruun danda'ameera. Ijaarsa waajjirichaa dabalatee pirojektota 20 karoorfanne keessaa 18 xumuruun eebbisiisneerra.

Gama misooma mana barumsaanis hordoffii kenninee hojjetaa turreerra. Akka fakkeenyaatti ijaarsa mana barumsaa yeroo dheeraa gaafatu hordoffii walirraa hincinne taasisnee ji'oota lama keessatti xumuruun tajaajilaaf bakka itti qopheessinetu jira. Kun kan jajjabaachuu qabuudha.

Bariisaa: Pirojektonni ijaaramuun yeroo qabameefi qulqullinaan xumuramuun tarkaanfii cimaadha. Ta'us galiin magaalattii akka guddatuuf malli dhahame jirra?

Obbo Simee: Kan baranaa fudhannee yoo ilaalle sassaabbiin galii keenyaa dhibbantaa jaatamaan dabaleera. Bu'uuruma kanaan magaalaa keenya dachaan misoomsuun fayyadamummaa lammilee mirkaneessuuf hojiin jajjabeessaan hojjetamaa jira.

Misooma qarqara lageenii fudhannee yoo ilaalle lagni Kombolchaa kanaan dura holqa hattuu lubbuun namaallee keessatti darbaa ture misoomnee bakkaa bashannanaa ta'eera.

Dargaggoonni, hawaasni magaalattii yeroo boqonnaasaanii achi dhaquun sammusaanii bohaarsaa jiru. Qarqara lagaa misooma kana keessatti tajaajilli kaaffee, bakki shaakallii fiigichaa, miidhaginaan hojjetamuun tajaajila

akkann taasisneerra.

Bariisaa: Afaan keessan dammaan qabe, bakki shaakallii fiigichaa kun qarqara lagaatti bifa kamiin ijaarame?

Obbo Simee: Daandiin fiigichaaf mijatu dheerina kiiloometira walakkaa kan qabu qarqara laga Kombolchaa kanatti ijaarameera. Yeroo dhiyoo asis itti dabalamee kiiloometira shan gaheera.

Akkuma atuu beektu Asallaan bakka Atileetonni keessaa maddan ta'uun walqabatee atileetota olguddatoo horachuuf haala mijataa uumuun murteessaa waan ta'eef ijaarsi daandii fiigichaa qarqara lagaatti xumurame kun ispoortessitoota hedduuf tajaajila kennaa jira.

Bariisaa: Misoomni qarqara lagaa kun babal'achuun akka dargaggoonni araadaaf hinsaaxilamne bu'uura buuse qabaa?

Obbo Simee: Dhugaa dubbachuuf dargaggoota keenya irra deemnee ilaalla. Warri kaleessa bakka araadaaf isaan saaxilu oolaa turan amma bakka bashannanaa kanatti dacha'aniiru.

Hojiin hubannoo uumuus kennamaafii jira. Dargaggeessi tokko bakka itti qalbiisaa bashannansiisu, uumama itti dinqifatu hinjiru taanaan araada hinmalleef saaxilamuusaanii hinoolu. Haata'u garuu erga misoomni kun eegalee as dargaggoonni keenya yaadaan bilchaachaa jiru.

Bariisaa: Dhimma dargaggootaattin isin deebisaatii bakka bashannanaa qofa ijaaruun dargaggeessa qalbiin fagaate deebisuun hindanda'amu. Hedduusaanii eebbifamanii kan lafa taa'aniidha. Gama carraa hojii uumuutiin hojiin hojjetame maalfakkaata?

Obbo Simee: Dargaggeessa keenyaaf bakka bashannanaa misoomsuun akkuma jirutti ta'ee

KEESSUMMAA BARIISAA

"Asallaa akkuma Finfinnee hawwattuu taasisuuf..."

gama carraa hojii uumuun hojdhabeeyyii kuma 25f carraa hojii uumuuf karoorfame keessaa dhibbantaan 85 milkaa'eera.

Hojiilee IMXn gurmeessuu, inisheetiiviiwwan gara garaa keessatti akka bobba'an taasisuu, misooma lukkuu, buuphaa, fuduraaleefi daldala adda addaa keessatti qooda akka fudhatan taasisneerra.

Dhimmi carraa hojii uumu kun hojii halkan tokkoon xumuramu waan hintaanef ammas dabalataan karoorfinee hojiitti jirra. Sababnisaa misooma dargageessi keessa hinjirre misooma ta'uu hindanda'u.

Bariisaa: Carraa hojii bal'inaan uumuun walqabatee simannaan invastarootaaf taasisfamu maal fakkaata, haala mijataa maaltus jira?

Obbo Simee: Asallaan investimantiif balballishii banaadha. Haalli nageenyaa amansiisaadha. Carraa hojii mootummaan uumu cinatti abbootiin qabeenyaa ta'an invastaroonni dhufanii hojiilee misoomaa garagaraarratti bobba'anii akka hojjetaniif balballi keenya banaadha. Indastiriiwwan, kolleejjonni dhuunfaas babal'achuun egeree dargaggoota keenyaaf bu'aa kan buusuudha. Kanaafuu investimantiif balballi keenya banaadha; simachaas jirra.

Bariisaa: Qabinsi dargaggootaa akka magaalaa keessaniitti jiru maal fakkaata?

Obbo Simee: Dargaggoota keenya hamma dandeenyeef carraa hojii uumneerra. Isaan kaanimmoo Ambaasaaddara nageenyaa ta'anii caasaa nageenyaa waliin hiriirani nagaaf tasgabbi kabachiisaa jiru kun nuuf injifannoo guddaadha.

Bariisaa: Jijjiirama amma dhandhamaa jirru kana fidu keessatti shoorri dargaggootaa gahee leencaa kan taphatuudha haata'utii dargaggoonni keenya damee dinagdeen alatti siyaasa keessatti akka hirmaatan hojiin hojjetame jiraa?

Obbo Simee: Kun sirriidha. Jijjiirama dhufeeff lafee dugdaa kan ta'e dargaggoota keenya. Haaluma kanaan dargaggoonni kunniin dinagdeen, hawaasummaan akka cimaniif hojii hojjetamu cinatti siyaasa keessatti akka hirmaatan taasisneerra.

Hoggantoonni manneen hojii magaalattii sadarkaa sadarkaan jiran keessa hojjetan hedduunsanii dargaggoota. Egereen biyya keenyaa isaan harka jirti. Kanaaf dargaggoota keenya hawaasummaan, dinagdeefi siyaasaan hirmaannaa taasisuun akka bu'aa buusan gochuun fuuldurattis cimee ittifufu.

Bariisaa: Sochiin investimantii Asallaa maal fakkaa?

Obbo Simee: Balballi Asallaa misoomaaf banaadha. Invastaroota fedhii qaban simachaa hojiilee misooma garagaraarratti bobbaasaa jirra.

Waggaatti invastaroota 100 ol simachuun hojii misoomaa garagaraarratti bobbaasaa jirra. Kanamalees namoonni daawwannaa gaara Cilaaloof dhufan bultiinsanii Asallaadha. Cilaaloon Asallaarraa kiilomeetira shanirratti argama.

Haroon Baatus Asallaarraa kiilomeetira 35 irratti argama. Kanaaf tuuristoonni gara keenya dhufan buufannisaanii Asallaadha galiin gama kanaan argamus olaanaadha.

Bariisaa: Invastara simachuufis, sochiin magaalattii hawaas dinagdeef mijata akka ta'uuf nageenyi amansiisaa jiraachuun dirqama. Gama kanaan qophaa'ummaan jiru maal fakkaata?

Obbo Simee: Misooma kamiifuu bu'uura kan



ta'e nageenya waaraadha. Bakka nageenyi hinjirreetti misooma yaaduun hindanda'amu. Kanaaf caasaalee nageenyaa cinatti hawaasni nageenyasaatiif waardiyyaa akka dhaabatu, hojii hubannaa uumu kenneen rakkoon nageenyaa ture maqameera.

Caasaa nageenyaa idileen ala hawaasni gaachana sirnaatiin waljaaruun guyyaafi halkan hordoffiifi sakatta'insa taasissee nageenyasaaf wabii ta'aa jira.

Ijaaramuun gaachana sirnaa hattuu, alseerummaafi hojmaata badaa dhabamsiisaa jira. Gaachanni Sirnaa hordoffii nageenyaa taasisuun bakka shakkiin jirutti sakatta'insa tasaa taasisuun qaama dhimmisaa ilaallatuuf eeruu kennuun nageenyi akka hinboorofne taasisaa jiru.

Bariisaa: Ijaarama caasaa Gaachana Sirnaa kanaan walqabatee namoonni ilaalcha hintaane qaban jiru. Gaachanni Sirnaa eenyuuf dhaabate?

Obbo Simee: Ijaaramni Gaachana Sirnaa nageenya waaraa waloo eeguufi eegsisuufidha, caasaan kun mindaa hinqabu. Ulee baatee halkan hirriba dhaabee guyyaa jiruusaa dhiisee nageenya lammiileesaatiif kan dhaabatudha malee ergama biraa kan qabu miti.

Namoonni ilaalcha hintaaneen ilaalan jiraachuu danda'u haata'u garuu caasaan Gaachana Sirnaa wabii hawaasaa waan ta'eef kabajamuu qaba.

Erga caasaan kun ijaamee hojiitti bobbahee meeshaan seeraan alaa, hojmaanni badaa akka hanna hir'ataafi to'atamaa jira. Kanaafuu kan jajjabeeffamuu qabuudha. Achi keessatti hirmaannaan Gaachana Sirnaa dargaggootaa olaanaa yoo ta'u, dargaggoonni 2400 ol miseensa Gaachana Sirnaati.

Bariisaa: Tarsiimoon maaddii guutuu Asallaatti maalirra jira?

Obbo Simee: Qonna magaalaa babal'isu eeggattummaa seenaa gochuufi wabii midhaan nyaataan of danda'uun xiyyeeffannoo keenya tarsiimoo maaddii guutuu keessatti qabanneedha.

Bu'uuruma kanaan jiraattonni lafa xinnoo qabaniifi bakka isaaniif mijattutti misoomaalee akka buuphaa, lukkuu, kuduraafi muduraa qe'eesaanii keessatti omishuun eeggattummaa seenaa akka godhan taasisfamaa jiru.

Manaa manarra yoo deemte namni qe'eesaarraa lukkuufi buuphaa dhabe hinjiru. Misoomni kuduraafi muduraa magaalaa keessatti babal'ataa jira. Har'a lafa xinnoo qabanirratti

misoomawwan gara garaa babal'isuun aadaa ta'aa jira.

Bariisaa: Tajaajilli maaddii guutuufi inisheetiiviiwwan babal'achuun gabaa tasgabbeessuu keessatti bakka olaanaa qabu jedhama isin biratti akkamitti ibsama?

Obbo Simee: Qaala'insa gatii gabaa hamaa lammiilee qoraa ture akka magaalaa Asallaattis hudhaa ture. Hudhaa kana furuuf hojiirra ooluun tarsiimoo maaddii guutuufi inisheetiiviiwwan bu'aa buuseera.

Hawaasni akka kaleessaa lukkuu ykn buuphaa ykn raafuu bituuf gabaa bahu muraasa. Sababnisaa hojii hubannoo uumu isaaniif kenneen manasaaniitti misoomsaa waan jiraniif gabaan kanaan dura jee'uu tasgabbaa'eera.

Bariisaa: Qaala'insa gatii gabaa tasgabbeessuuf jecha misoomni inisheetiiviiwwanii babal'achuun isa ijoo yoo ta'u, alseerummaan daballii gatii bittootaafi gurgurtoota gidduutti akka hinmudanneef malli ta'a jiraa?

Obbo Simee: Alseerummaan daballii gatii irrareessi daldaloota seeraan alaan kan qaqqabu yoo ta'u isa kana hir'isuuf gidduu gatii gabaa dhaabataa ta'eefi baazaaronni yeroo yeroon ayyaanota saababeeffachuun akka qophaa'an taasisfamu.

Haaluma kanaan alseerummaan daballii gatii gabaarratti qaqqabaa ture hir'atee jira. Ijaaramuun gidduu gatii madaalawaa taasisuu keessatti shoora olaanaa taphateera jechuun danda'ama.

Bariisaa: Hojmaanni nyaachisa barattootaa akka magaalaa Asallaatti jiru maal fakkaata?

Obbo Simee: Nyaachisni barattootaa akka magaalaa Asallaatti jiru jajjabeessaadha. Kutaa 1ffaa-8ffaa qabnu mara keessatti barattoota 6,208 tajaajila nyaataa kenna jirra.

Bariisaa: Tajaajilli kaadaastara bulchiinsa lafaa akka magaalatti jiru kanaan dura rakkoof saaxilamaa ture jedhama amma maalirra jira?

Obbo Simee: Dhugaa dubbachuuf sektarii lafaa xiyyeeffannoo yoo argate malee hannaafi alseerummaaf kan saaxilama ta'uu eenyumaafuu ifa.

Hojmaanni badaan kun akka furamuuf xiyyeeffannoon kenneefi tajaajilli kaadaastara lafaa magaalaa Asallaa akka hojiirra oolu taasisneerra. Lafa tokkoratti kaartaawwan lama, sadiitu ture. Kunimmoo nama walitti

buusaa ture. Hanna hammaataatu ture.

Amma garuu hudhicha furuuf tajaajilli kaartaafi kaadaastaraa hojiirra ooleera. Hojiin kaadaastaraa kanaan dura waggaa tokko keessatti hindhumne guyyaa tokkotti xumuraamaa jira.

Bariisaa: Hojjetoonni waajjira lafaa kenniinsa tajaajila kaadaastaraafi kaartaa hanga halkan keessaa sa'aatii jahaatti kenna jirutti tajaajila kana kennuuf maaltu isaan kakaase? Bu'aaan jiruhoo maal fakkaata?

Obbo Simee: Hojiin dhimma lafaan walqabatee waajjira lafaa Asallaa keessa waggootaaf tuulamee ture daran hedduu waan ta'eef marii taasisameen halkanis tajaajila kennuun murteessaa waan ta'eef tajaajilichi jalqabame. Hojiin kaartaafi kaadaastaraa halkan tokkotti xumuramaa jiru kan kanaan dura waggaa tokko keessatti hinxumuramneedha.

Hojjetoonni waajjirichaa kaffaltii dabalataa argatanii osoo hintaane dhiibbaa hojii deddeebii maamilaa ulfaataa ture furuuf kaka'umsa mataasaaniin gammachuun hojjetaa kan jiran yoo ta'u, kunis fakkeenyumman kan ka'uudha.

Bariisaa: Asallaan akkuma beekamtu magaalaa sabaafi sablammiileen hedduu amantaa gara garaa qaban waldanda'uun keessa jiraatanidha. Duudhaan waldanda'uu akka gabbatuuf hojiin hojjetamaa jiru maal fakkaata?

Obbo Simee: Magaalaa sabaafi sablammiin adda addaa, hordoftoonni amantaa gara garaa keessa jiraatanitti miirri waldanda'uu jiraachuun murteessaadha. Waldanda'uun hinjiru taanaan nagaatu boora'a; misoomatu addaan cita; dinagdeetu raafama. Kanaaf miirri waldanda'uu akka gabbatuuf amantaafi aadaa waliifi garaagarummaan sabummaa jiru miidhagina ta'uu waliigalamee gaddaaf gammachuurratti ummata wajjin dhaabatudha.

Caasaaleen nageenyaa keenya sadarkaa sadarkaan jiraniifi Gaachanni Sirnaa rakkoon akka hinuumanef miirri tokkummaa walkabajuu akka gabbatuuf nihojjetu. Kanamalees ayyaanota guguddaa akka biyyaatti kabajamanirratti bakka yaaddoon nageenyaa jirutti hordoffii taasisuun gammachuu walii akka dhandhamaniif kaleessas har'as hojjetamaa jira.

Bariisaa: Ijaarsi Mana Murtii Aadaa akka magaalichaatti jiru maal fakkaata?

Obbo Simee: Hawaasni waliin jiraatu dhimmoota xixiqqooifi guguddooratti faayidaan walqabatee walitti bu'uun hinoolu. Haaluma kanaan mana murtii idilee walgeessanii waggaa dheeraaf waldeeddeebisuun baasii hinmalteef kan walsaxilan hedduu turan.

Amma garuu Manni Murtii Aadaa waan hundaa'eef deddeebiin abbootii dhimmaa salphataa jira. Namoonni dhimmoota sasalpharratti walhimatanii walrakkisaa jiran dhimmasaanii mana murtii aadaatti naanneeffachuun dubbiirraa gara hojiitti akka deebi'an taasisfamaa jira.

Manni murtii aadaa kun sabaafi sablammiilee achi keessa jiraatan maraaf qixa kan tajaajilu yoo ta'u, fudhatummaansaas mana murtii idileen olitti ta'aa waan jiruuf walddhabdee kan furu duudhaa ganamaafi aadaa kan deebisu waan ta'eef xiyyeeffannaan irratti hojjetamaa jira.

Manni Murtii Aadaa kun kutaalee magaalichaa mara keessatti hundaa'ee tajaajila kenna kan jiru yoo ta'u, dubbii salphisaa hariiroon obbolummaa garaagarummaa yaadaafi faayidaan adda bahee ture ilaafi ilaameedhaan furamee nageenyi akka bu'u taasisaa jira.

Bariisaa: Aarsaa yeroo keessaniif galatoomaa.

Obbo Simee: Isinillee galatoomaa.

Ijoo Dubbii

Bara 2017: Miiraafi abdi haaraadhaan

Yeroon akka geengootti waan naannoftuudha. Maayikiroo sekoondiin, sekoondiin, daqiiqaan, sa'aatiin, guyyaan, torbeen, jiini ida'amani waggaa ta'anii dhufanii darbu; bara haaraafi moofaa jedhamees simatama, gaggeeffama.

Biyya keenyatti erga ji'a Fulbaanaa tokko jennee jalqabnee ji'oota 13 lakkoofnee booda ji'a Fulbaanaatti deebina. Geengoon kun waggaa waggaa naanna'a.

Akka lakkoofsa baraa (dhahaa) biyya keenyaatti jiini Fulbaanarraa ka'ee naanna'ee oggaa Fulbaanatti deebi'u waggaa haarawaa jedhamee miira haarawaan simatama. Haaluma geengoo yeroo kanaan Roobiin dhufu bara haaraa, bara 2017 jalqabuufi miira abdiitiin simachuuf qophiitti jirra.

Yeroo waa'een bara haaraa ka'u waantota hedduutu sammuu nama dhufa. Moofaa dhiisanii haaraa jalqabuu, karoora haaraa kan bara haaraa, kan raawwannus kan hinraawwannes baafachuu; waadaawwan adda addaa ofiifis namaafis galuufi kkf kaasuu ni danda'ama.

Yeroon bara haaraa itti kabajamu kun seensa birraa ta'uunsaa gaariidha. Yeroo bacaqiin gannaa itti bahu, ililliin birraa yeroo daraartu, dirreen yeroo magariisa uffattee yoomirayyuu yeroo itti miidhagdu waan ta'ef. Kana malees yeroo miirri namaa waan haaraa ittiyaadu waan ta'ef tibba kana kabajamuunsaa daran gaariidha.

Haala simannaafi kabaja baraa 2017tti yoo deebine egaa akkuma jenne ganni dukkanummaan beekamu xumuramee ifa birraatti ce'uuf har'a dabalatee guyyoota afur qofatu hafa. Keessumaa barri 2016 bara yeroo kamuurra injifannoowwan guguddoon akka biyyaatti ittigalmaa'aniidha.

Fakkeenyaaf milkaa'inni dhaabbii ashaaraa magariisaa, hojii jalqabuun tarbaayinoota 3ffaafi 4ffaa hidha seenaqaabeessa Abbayyaa, hojiiilee magaalota miidhagsuu Finfinneetti eegalamee gara kaanittis saffisaan babal'achaa jiru, fooyyessi dinagdee gooroofi kkf dhimmoota akka injifannoo guddaatti eeramaniidha.

Mootummaan dameelee hundaan jijjiiramoota hundagaleessa fiduuf erga sochii eegalee waggoonni lakkaa'amaniiru. Biyyattii gara guddinaafi badhaadhina waaraatti akkasumas nageenya guutamaatti ceessisuuf hojiiilee baay'een hojjetamaa jiru.

Agarsiisumaaf kan baranaa eerre malee waggoota jahan darbanitti Itoophiyaatti muuxannoowwan haareyyii hedduun akka biyyaatti argamaniiru. Qormaatonni walxaxoo baay'ee keessa darbuunis danda'ameera. Dameelee adda addaatiin injifannoowwan boonsaafi gammachiisoo akka biyyaatti galmessisuudhaan barnoonniif muuxannoon egereef galaa ta'anis argamaniiru.

Kanaafuu, bara haaraan guyyoota muraasa booda simannu injifannoowwan kanneen caalaatti cimsaa, finiinsaafi bal'isaa gama kaaniin ammoo waantota guddinaafi nageenya keenyatti daranyoofi gufuu ta'an kanneen akka rakkoo nageenyaa, qaala'insa jireenyaa, hattummaa, fiinxaalessummaafi kkfn hundeerara buqqisuun murteessaadha.

Keessumaa nageenyiifi tasgabbiin iddoowwan tokko tokkotti akka bishaanii dheebotamanis akka sirrataniif hunduu qoodasaa bahachuu qaba. Barri haaraan kan nagaa, milkii, badhaadhiinaa, fayyaa, jaalalaa, gammachuufi waliinummaa nuuf haa ta'u! Bara haaraa 2017 miira haaraafi abdi haaraadhaan.



Yaada/Ajandaa



Adeemsi ajandaa walitti qabuu naannolee Itoophiyaa Jiddugaleessaafi Sidaamaa xumurame

Riippootara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Komishiniin Marii Biyyaalessaa Itoophiyaa adeemsa ajandaa walitti qabuu naannolee Itoophiyaa Jiddugaleessaafi Sidaamaatti taasisaa ture xumuruu beeksise.

Bakka bu'oonni hawaasaafi qooda fudhattoonni ajandaa hawaasa naannolee kanneenii ajandicha qindeessuuf filataman ajandaawwan kaafaman komishinichaaf kennaniiru.

Komishinariin Komishinii Marii Doktor Yoonaas Adaayyee wayita ajandicha Naannoo Itoophiyaa Jiddugaleessa fudhatan akka jedhanitti, mariin kun hunda mo'ataa kan taasisuudha. Rakkoolee keenya hundagaleessaaf furmaata egeree fiduuf mariin furmaata ijoodha.

Komishinichi ajandaawwan ummata naannichaan kaafaman fudhachuu ibsanii; qaamolee ajandaa walitti qabuun akka milkaa'u yeroosaanii kennuun ajandaalee walitti qabuufi gindeessuun komishinii mariif kennuurratti hirmaatan galateeffataniiru.

Waltajjiin marii komishinichi bakka bu'oota kutaalee hawaasaa addaddaa naannichaa waliin Hagayya 25 bara 2016 irraa kaase adeemsisaa ture Kamisa darbe xumuruu beeksisaniiru.

Oduudhuma walqabateen Naannoo Sidaamaatti waltajjiin marii ajandaa walitti qabuu Hagayya 22/2016 irraa jalqabee guyyoota torbaaf gaggeeffamaa ture Kibxata, Hagayya 28/2016 xumurame.

Waltajjiin marii magaalaa hawaasaa galma walgayii Yuunivarsitii Hawaasaatti gaggeeffamerratti kutaaleen hawaasaa 10 bakka bu'an 900 ol ta'an, bakka bu'oonni paartiilee siyaasaa, qaamolee mootummaa, namoota dhiibbaa uuman akkasumas bakka bu'oonni dhaabbileefi waldaalee adda addaa

walumatti hirmaatonni 1800 ol mari'ataa turaniiru.

Namoonni 25 qaamolee qooda fudhattoota shanan irraa bakka bu'anii ajandaa naannoo Sidaamaa akka qindeessaniif filataman ajandaa dhuma naannichaa qindeessuun Komishiinara olaanaa Komishiinii Marii Biyyaalessaa Itoophiyaa Piroofeesar Masfin Araayaatti kennaniiru.

Komishiinarichi haasawa cufinsaa taasisaniin, kaayyoo guddaan marii biyyaalessaa rakkoolee baroota dheeraaf biyyattii keessa turan mariidhan hiikun waliigaltee waaraa fiduudha jedhan. Akka lammiitti rakkoo keenya hiikuuf mariin filannoo isa jalqabaafi dhumaatis jedhan.

Mariin gareen lakkoofsa baay'ee qabu kan itti mo'atuufi gareen lakkoofsa xiqqaa qabu itti mo'amu osoo hintaane, qaamni kamiyyuu walqixxummaan kan keessatti qooda fudhatuufi hirmaachisaa akka ta'u komishiinichi hojjataa jiraachuu komishiinarichi himaniiru.

Komishiinichi marii ajandaa walitti qabuu bulchiinsa magaalaa Finfinneerraa jalqabee naannolee Beeniishaangul Gumuz, Gaambeellaa, Harariifi bulchiinsa Dirree Dhawaatti haala milkaa'ina qabuun xumuruusaas yaadachiisaniiru.

Komishinichi haga dhuma Onkoloolessaa bara 2017tti naannolee Oromiyaa, Kibbaa, Somaalee, Affaariifi Itoophiyaa Kibba Lixaatti marii walfakkaataa kan taasisu ta'uu komishiinarii olaanaan kun himaniiru.

Milkaa'ina waltajjiin marii naannoo Sidaamaatti adeemsiifameetiif qaamolee deeggarsa taasisan mara komishiinarichi galateeffataniiru.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii
1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihuun Takilee*

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

Abbaa Sa'aa

“Omishaafi omishtummaa keenya daran guddisuudhaan imala badhaadhina hundagaleessa naannoofi biyya keenyaa ni milkeessina”

- Obbo Ahmad Idris

Natsaannat Taaddasaatiin

Barana guyyoonni qaamnee shanan maqaa gara garaan moggaafamanii sadarkaa biyyaafi naannoleetti sagantaalee gara garaatiin kabajamaa jiru. Haaluma kanaan Qaammeen 1 Guyyaa Ce'umsaa, Qaammeen 2 Guyyaa Riifoormii, Qaammeen 3 Guyyaa Birmadummaa, Qaammeen 4 Guyyaa Daneesummaa, Qaammeen 5 Guyyaa Egeree jedhamuun kabajamu.

Qaammeen 1 (Guyyaa Ce'umsaa) kaleessa mataduree, “Hambaa Ce'umsaa Horata Haaraaf” jedhuun sagantaalee gara garaatiin sadarkaa biyyaafi naannoleetti kabajameera.

Biiron Invastimantiifi Industirii Oromiyaa, Biiron Qonna Oromiyaa, Komishiniin Karoorafi Misooma Oromiyaa, Biiron Bishaaniifi Inargii Oromiyaafi Biiron Komishinii Turizimii Oromiyaa walta'uun kabaja Qaamnee 1 (Guyyaa Ce'umsaa) kana sababeeffachuun Warshaa ‘George Leather and Shoe Factory PLC Ethiopia’ Magaalaa Mojootti argamu, Warshaa Huccuu ‘Kanoria Africa Textiles PLC’ Magaalaa Bishooftuutti argamuufi omishaalee qonnaa naannawa magaalattiitti argamu daawwachuun akkasumas marii paanaalii adeemsisuun kabajaniiru.

Hogganaan Biiron Industirii Invastimantii Oromiyaa Obbo Ahmad Idris saganticharratti akka jedhanitti, barana Qaammeen 1 Guyyaa Ce'umsaa jedhamee moggaafamuun kabajamaa jira. Guyyicha wayita kabajnu maal keessa akka ceenee asgeenye duubatti deebinee ilaalun barbaachisaadha. Qabsoo hadhaa'aa taasifamaa tureen mootummaan jijjiiramaa kun bara 2010 gara aangootti erga dhufee as gaaffiin abbaa biyyummaa, dimokiraasii, qabeenya horachuufi walqixa fayyadamuu, aadaafi duudhaa ofiitiin boonanii guddachuu Itoophiyaatti lafa qabateera.

Jijjiirama mootummaa as riifoormiiwwan guguddaa adeemsisuudhaan rakkoolee dinagdee biyyattii furuuf Imaammanni Dinagdee Mandhaalee (‘Home Grown Economy’) akka hojiirra oolu ta'eera kan jedhan Obbo Ahmad, karoorichi omishaafi omishtummaa guddisuurratti xiyyeeffata. Karoorichi industiriiwwan biyyattii omishaafi omishtummaasaanii daran akka guddisaniifis haala mijataa kan uumeera. Karoorichi imaammatawwaniifi seeronni hojiirratti danqaa ta'an akka sirratan taasisuudhaan hojimaatni sirriin akka diriiru taasisa jirra.

Damee industiriirratti imaammatooni afur qophaa'uu himanii, tarsiimoowwan imaammatoota kanarraa maddan 17 qophaa'aniiru. Imaammatawwaniifi tarsiimoowwan kunneen industiriiwwan omishaalee biyya alaati galan kan biyya keessaatiin akka bakka buusan, omishaalee alergii dabaluu galii sharafa alaa akka guddisan taasisuufi carraa hojii bal'aa uumuuf kan gargaaran ta'us himaniiru.

Bara darbe qofa akka Oromiyaatti omishaalee industirii doolaara biliyoona 1.8n bitamani biyya alaati galan biyya



Itoophiyaan waggoota darbanitti rakkoolee keessaafi alaa ishee quunnaman wareegama ilmaanshee kaffalaniin qolachuun birmadummaashee tikfachaa jirti

keessatti omishuun danda'ameera kan jedhan Obbo Ahmad, omishaalee industirii biyya alaatti erguun ammoo galii sharafa alaa doolaara miliyoona 800 argachuun danda'ameera. Damee industiriitiin bara darbe namoota kuma 500f carraan hojii uumamuus eeraniiru.

Pirojektiin invastimantiin Oromiyaa jijjiiramaan dura kuma saddeet ture yeroo ammaa gara kuma 23tti guddachuu himanii, kun invastarootaaf haalli mijataan uumamu mul'isa. Haala mijataa uumu keenyaan invastaroota hedduu simachuu eeraniiru.

Jijjiirama dura invastimantiin kuma torba hojii keessa ture yeroo ammaa gara invastimantii kuma 12fi 721 qabatamaan hojii keessa galuun namoota kuma 800f carraa hojii kan uuman ta'uu himanii, invastimantoonni kunneen kaappitaala doolaara biliyoona 800 kan galmeessisan ta'us himaniiru.

Humni omisha warshaalee bara darbe %48 irra ture yeroo ammaa gara %57tti guddateera. Gara fuulduraattis muuxannoowwan gaggaarii horanne babal'isuudhaan omishaafi omishtummaa keenya daran dabaluuudhaan imala badhaadhina hundagaleessa naannoofi biyya keenyaa ni milkeessina jedhu.

Hogganaan Biiron Qonnaa Oromiyaa



Obbo Geetuu Gammachuu gamasaaniitiin akka jedhanitti, guyyoonni Qaamnee bara moofaa keessaa gara waggaa haaraatti ce'uuf yeroo qophii cimaa itti taasifnuudha. Barana Qaammeen 1 Guyyaa Ce'umsaa jedhamee moggaafameera. Ce'umsa keenya abdiirraa gara ifa qabatamaatti, qormaatarraa gara injifannoo waaraatti kan itti taasifnuudha.

Itoophiyaan waggoota darbanitti rakkoolee keessaafi alaa ishee quunnaman wareegama ilmaanshee kaffalaniin qolachuun birmadummaashee tikfachaa jirti. Qormaatawwan adeemsa keessa nu mudatan ce'uun injifannoowwan argaman itichuun hojiileen fayyadamummaa ummataa mirkaneessan hedduun raawwatamaa jiru. Harka tokkoon nageenya waressaa harka biraatiin misooma mirkaneessuun har'as ashaaraan dhalootaa kaa'amaa jira. Qormaatawwan mudataa turaniirratti injifannoo galmeessisaa milkaa'inoota galtee fuulduraa taasifachaa imala badhaadhinaaf bu'uurri kaa'ameera jedhu.

Wanjoo hiyyummaa caccabsu riifoormii dinagdee qonnaan durfamurraa gara dinagdee damdaneessaatti cesisuuf dameewwan hundaan bu'aa abdachiisaan argamaa jiraachuu himanii, kana malees waggoota ja'an darbanitti omisha qamadiitiin, ashaaraa magariisaafi hojii ijaarsa hidha Laga Abbayyaatiin milkaa'inoonni guguddoon galmaa'aniiru. Hojiilee waliinga'iinsa bishaan dhugaatii qulqulluu, invastimantiifi misooma turizimiitiinis milkaa'inoonni ajaa'ibsiisoon kan argaman ta'us eeraniiru.

Qabeenya uumamaafi namtolchee qabnu hawaasa irraa fayyadamaa taasisuudhaaf sochiilee guguddaan taasifamaa turaniiru. Qabeenyawwan uumamaa biyyattii keessaa

tokko kan ta'e laga Abbayyaa waggoota dheeraaf faayidaa malee ture misoomsuun faayidaa biyyaaf oolchuun abjuu barootaa dhugoomsuun danda'ameera. Kanaanis injifannoowwan qaqqaalii hedduun roga hundaan galmaa'uu cegalaniiru jedhu.

Mootummaan biyyattii gara badhaadhinaatti ceesisuuf inisheetiivota misoomaa gara garaa bocuun hojiirra oolchaa jiruun jijjiiramoonni guguddaan galmaa'aa jiraachuu himanii, tarkaanfiwwan fudhatamaa turaniin qamadii biyya alaati galchuun seenaa ta'ee biyya alaatti erguun injifannoo gaariin galmaa'eera. Xiyyeeffannoo mootummaan omishaafi omishtummaa guddisuuf taasisaa jiruun galiin sharafa alaarra argamu dabalaafi carraan hojii bal'aa uumamaa jiraachuu eeraniiru.

Ajandaan mootummaafi ummataa qormaata waloo qolachuun milkaa'inoota tarkaanfiileen dabaluuun hiyyummaa injifachuudha kan jedhan Obbo Geetuu, milkaa'inoonni keenya galaa imala keenya borii waan ta'aniif kutannoon irratti hojjetamaa jira. Ashaaraan har'a keenyes imala keenya milkeessuun ce'umsa keenya waressaa jira. Iccitiin imala jijjiiramaa tarkaanfiwwan haaraan cichanii hoogganuurraa kan madde ta'us himaniiru.

Injifannoowwan galmeessifne, muuxannoowwan horanneefi qabeenyawwan uumamaafi kuufamni seenaa keenya hambaa ce'umsa horataalee haaraati kan jedhan Obbo Geetuu, hojiileen damee hundaan raawwannu tarsiimoon deeggaruun fagoo yaadnee karoorsuun milkeessinee injifannoo itichinee ceesisuun sadarkaa hundatti lafa qabsiisuun hojii keenya fuulduratti nu ceggatuudha jedhu.

Ilaamee...

“Bara haaraa kanatti carraawaniifi wal’aansoo dura keenya jiraniif of qopheessuu qabna”

- Doktor Zarihuun Gabiree

Natsaannat Taaddasaatiin

Gaafdeebii bara haaraa (bara 2017) simachuuf jirru ilaalchisuun Pirezidaantiin Yunivarsitii ‘Leadstar’ Doktor Zarihuun Gabree waliin Kibxata darbe akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Doktor Zarihuun barnootasaanii digrii sadaffaa ‘Transformational Leadership’n, Yunivarsitii Daalaasirraa, barnootasaanii digrii lammaffaa, ‘Community Development’n, ‘Leadstar’ irraa, digrii tokkoffaa Ingiliffaan Yunivarsitii Finfinneerra, Dhaabbata Kolleejjii Leenjii Barsiisota Naqamteerraas Afaan Ingiliziin eebbifamaniiru. Akkasumas dhimma dhukkuba ‘HIV/AIDS’n walqabaturratti hanga digrii lammaffaatti; akkasumas barnoota ‘Theology’, ‘Peace and conflict resolution, project management’ barataniiru; kitaabota gara garaa afuriis barreessaniiru.

Bariisaa: Bara haaraa kana akkamitti simachuu qabna? Wantoota bara haaraatti raawwachuuf karoofannuttis akkamitti milkaa’uu dandeenya?

Doktor Zarihuun: Bara haaraa ilaalcha haaraa, jalqabbii haaraa, adeemsa haaraa, kaayyoo haaraafi sagantaa haaraan simachuu qabna. Waggaan haaraan fuuldura keenya jiru wantoota guguddaa lama (Carraawaniifi wal’aansoo ykn ‘challenge’) fudhatee gara keenya dhufa.

Guyyoonni 365 waggicha keessa jiran hundi guyyoota itti hojjechuu dandeenyuudha. Carraa 365tu fuula keenya dura jira. Inni kun namoota hundumaaf walqixa kennameera. Addaa addummaan jiru inni guddaan akkaataa itti carraa guddaa kanatti fayyadamnuudha. Yoo guyyoota kunneenitti sirriitti fayyadamne yeroo itti milkoofnutu fuula keenya dura jira. Yoo sirriitti itti hinfayyadamne ammoo yeroo itti jireenya kisaaraa jiraannutu fuuldura keenya jira. Filannoosaa garuu kan keenya.

Namoonni bara moofaa keessaa gara bara haaraatti yeroo ce’an carraawwan fuulduraasaanii jiran ilaaluu danda’uu qabu. Barri nuti dabarsine hangamillee hamaa yoo ta’e har’aa eegallee manii haaraafi jalqabbii haaraan bara itti seenu eegaluu dandeenya. Bara haaraa wajjin jabina haaraafi yaada haaraatu dhufa. Manii haaraafi mul’ata haaraa qabanna. Inni kun ammoo akka nuti guyyoota fuuldura keenya jirutti sirriitti fayyadamnu nu taasisa. Guyyoota jiran sirriitti ogummaan fayyadamuun kan nama milkeessu yoo ta’u, ittifayyadamu dadhabuun jireenya kisaaraaf nama saaxila. Kanaafuu barri haaraan carraa haaraa fidee dhufa; siirriitti ittifayyadamuun ga’ee keenya.

Karaa biraas barri haaraan walaaansoo matasaa danda’e fidee dhufa. Jireenya kaleessa keessa turre keessaa ba’uuniyyuu



Suuri: Daanyee Abarraatiin

wal’aansoo cimaadha. Dogoggora kaleessa keessa turre keessaa ba’uun wal’aansoo cimaadha. Adeemsa kaleessaa keessaa ba’uun wal’aansoo cimaadha. Shaakalli keessa turre, murtoowwan keenya kaleessaa, wantootni nu miidhan, kufaatiifi milkaa’inni, of taanee jiraachuu dadhabuu, jibba keessaa baanee jaalala horachuun wal’aansoo nu eeggatu ta’uu danda’a.

Waggaa haaraatti isa kana keessaa ba’uu nu gaafata. Yoo akkas ta’uu baate jireenya nuffisiisaa kaleessaa keessa akka turru, seenaa kaleessaa qofa mammaakaa akka jiraannu nu taasisa. Isa kaleessaa irraa barannee isa dhufuuf qophaa’uu, xaxaan kaleessaa waggaa haaraatti irra deebiin akka nu hinqabne tattaaffii cimaa taasisuu qabna. Yaalii nuti wantoota kaleessa nuqabaniituran keessaa ba’uuf taasisnu ammoo wal’aansoo cimaa gaafata. Akka nama dhuunfaatti, akka hawaasaatti, akka hoggansaatti, akka biyyaatti maal keessaa baana kan jedhu itti yaaduun daran barbaachisaadha.

Egaa bara haaraatti carraawwaniifi wal’aansoo fuuldura keenya jiraniif of qopheessuu qabna. Bara haaraatti jireenya kaleessaa irra deebinee akka hinjiraanneef murtoo fudhachuun barbaachisaadha. Barri haaraan maqaansaa qofti haaraa waan jedhameef bara haaraa ta’uu hindanda’u. Akka hawaasaas ta’e biyyaatti carraawwaniifi wal’aansoo fuuldura keenya jiraniif of qopheessuu qabna.

Utuu gara bara haaraatti hince’iin wantoota waggaa darbe ykn guyyoota darban raawwachaa turre gamaggamuu qabna. Utuu bara haaraatti hince’in dura waggaa xumuraa jirru keessa adeemsi, karoorriifi mul’anni keenya maal fakkaata jennee sirriitti ilaaluufi gamaggamuu qabna.

Bara haaraatti gamaggama taasifnerraa ka’uun qaawwa keenya duuchuufi gara sadarkaa ittaanuutti ce’uuf of qopheessuu qabna. Qaammeen yeroo itti wantoota waggaa darbaa jiru keessa raawwanne itti gamaggamuufi bara haaraatti karooraafi sagantaa haaraa baafannee hojjechuuf itti of qopheessinuudha.

Bara haaraan dura keenya jiru yeroo rakkooleen biyya keenya keessa jiran furuuf wal’aansoo cimaa taasisnuudha jedheen yaada. Bara haaraatti jireenya kaleessa jiraachaa turre keessaa ba’uu qabna. Waan ta’uun irra ture utuu hinta’in waan ta’u qaburratti xiyyeeffachuun gaariidha. Waggaa haaraa kan jechisiisu akkaataa nuti itti addunyaa ilaalluufi murtoo nuti fudhannutu bara haaraa jechisiisa jedheen amana. Akka hawaasaattis ta’e mootummaatti isa kana itti yaaduun baay’ee barbaachisaadha. Hudhaa kaleessaatiin takaalamuu utuu hinta’in bara itti rakkoo kaleessaaf mala dhoofnu, furmaata barbaannu ta’uu qaba.

Walumaagalatti, barri haaraan kun carraawwaniifi wal’aansoo hedduu qabatee gara keenya dhufaa jira. Carraawwan jiranitti sirnaan fayyadamuufi wal’aansoo jiru ammoo mo’achuuf of qopheessuu qabna. Bara haaraa kanatti akka nama dhuunfaattis ta’e walootti dogoggoroota baroota darban keessa turanirraa barannee yeroo ittaanu hojii gaarii hojjechuuf of qopheessuu qabna.

Wanti dagatamuu hinqabne isa darbe jijjiiruu hindandeenyu yoo ta’e iyyuu bocnee har’a itti fayyadamuufi isa boriif of qopheessuu dandeenya. Isa kanaaf ilaalchi keenya murteessaadha. Namni tokko ilaalchi isaa yoo jijjiirame jireenyi isaa, egereen isaa nijjiirama. Ilaalchi namoota

milkaa’oo namoota kufoo irraa adda baasa.

Sababiinsaa namootni milkaa’oon egere keessatti carraa argu; namootni kufoon ammoo gufuu qofa argu; namootni milkaa’oon egere keessatti guddina argu; namootni kufoon kasaaraa abjootu; namootni milkaa’oon bu’aa argu; namootni kufoon rakkoo isaan mudatu qofa argu. Nama borii ta’uuf ilaalcha keenya irratti hojjechuun daran barbaachisaadha.

Bariisaa: Bara haaraatti carraawwan fuuldura keenya jiranitti sirnaan fayyadamuuf, wal’aansoo nu eeggatu injifachuufi dogoggoroota jiran ammoo sirreessuuf akka nama dhuunfaa, hawaasaafi biyyaatti maaltu nurraa eegama?

Doktor Zarihuun: Namni kitaabaafi muuxannoosarraa isa baratu caalaa kufaati, dadhabbiifi dogoggorasarraa barata. Akka nama dhuunfaa, hawaasaafi biyyaatti dogoggoroonni baroota dabarsine keessa raawwanne utuu lakkoofnee hedduudha. Dogoggoroonni turan darbanii. Amma kan nurraa eegamu guyyoota 365 bara haaraa simachuuf jennu keessa jiranitti sirnaan fayyadamuuf of qopheessuu qabnuufi karooraafi sagantaa haaraa itti baafachuu qabnuudha. Tokkoon tokkoon guyyootaatti sagantaa baafannee yoo hojjenne bara haaraa simachuuf jennu keessa wantoota hedduu raawwachuu dandeenya.

Guyyoota fuuldura keenya jiranitti sagantaa baafannee hojiirra oolchuu baannaan idduma jirutti hafna. Kanaafuu isa dheengaddaarraa barannee, isa egeree fuulduratti ilaalaa fiiguun barbaachisaadha. Wantoota darbanirraa barannee wantoota haaraa dura keenya jiran bira ga’uuf of qopheessuu qabna.

Guyyoonni durakeenya jirankankaleessaafi dheengaddaa yeroo itti jijjiirama caalu fiduuf cimnee itti hojjennu ta’uu qaba. Hundumtuu taa’ee kan kaleessaa leellisuu utuu hintaane, cimee hojjetee rakkoofi hiyyummaa keessaa ba’uuf of qopheessuu qaba. Wantoonni kaleessa nurra ga’an kan nuqummuusan utuu hintaane jabeessanii kan nu dhaabaniifi gara fuulduraatti kan nu tarkaanfachiisan ta’uu qabu. Wantoota darbanii qabamuu keessaa ba’uun daran barbaachisaadha.

Guyyoonni ofisaaniitiin gaariis hamaas miti; guyyoota gaariifi hamaa kan jechisiisu haala nuti keessa jirruudha. Guyyoota fuuldura keenya jiranitti haalaan yoo fayyadamne itti milkoofna; yoo itti hinfayyadamne ammoo milkaa’inni hinjiru. Guyyoota fuuldura keenya jiranitti sirnaan fayyadamuuf ilaalcha, karoora, sagantaafi kaayyoo haaraa qabaachuu qabna. Guyyoonni ni darbu malee naanna’anii waan hindhufneef guyyoota dura keenya jiran hundumaatti

AADAIFI AARTII

Sirba Qaammee

Charinnat Hundeessaatiin

Sirbi Qaammee akkuma sirboota biroo afoolasaa danda'ee haalaafi bifa adda addaa qaba. Haala walaloo sirba Aseesaa keessaa tokko rawwiidha. Rawwiin sirba tokkotti lubbuu kan horuudha.

Afwalaloon akka jiraatu kan taasisu raawwiidha. Kunis dubbiidhaan dhalootaa dhalootatti darba. Afwalaloon yoo ummata gidduutti hinraawwatamne bu'uura dhaba jechuudha. Kana jechuun immoo afwalaloon yoo raawwatamu (becamu) baatee akka waan du'eeti jechuudha.

Raawwiin afwalaloof bu'uura. Afwalaloon dhalootaa dhalootatti jechaan yeroo darbu yoo raawwiin raawwatamuu baate maalummaa dhaba. Yoo raawwiin waraabamuu baate hinmul'atu. Haaluma kanaan raawwiin sirba Aseesaa haala kamiin akka rawwatamu waraabameera. Sirbi Aseesaa kan sirbamu dibbeefi harka dhahuudhaan miti.

Sirbitoonni kanirratti fuulleeffatan haala sagaleen itti bu'urratti. Sirbichi sochii qaama mataasaa danda'e qaba. Isheen baastu afwalaloon yoo baastu namoonni jalaa qaban immoo sagaleedhaan miidhagina kennuuf. Aseesni baastuu tokko ykn lamaafi harkaa fuutota hedduun kan sirbamuudha.

Afoolli tokko ykn sirbi aadaa tokko kan uummamu ykn kan sirbamu carraa barbaada. Fakkeenyaaf sirba cidhaa sirbuuf cidhi jiraachuun, sirba hojii sirbamu sirna kabaja ayyaanaa sirbuuf akka carraa sirni kabaja ayyaanaa jiraachuu qaba.

Gama kaaniin afoolli tokko miidhaginaafi lubbuu qabaachuu kan danda'u afoolli



ykn raawwii sirbaarratti hirmaattonni yoo jiraataniidha. Hirmaattonni nama sirba baasurraa fuudhuudhaan akka sirbichi miidhagu taasisu. Sirbi bifoote adda addaatiin kan sirbamu yoo ta'u, innis sirba afwalaloo sirbamu, geeraramu, faarfamuufi kan jeekkaramu yoo ta'u, sirbi Qaammee isa tokko.

Haala kabaja ayyaana Qaammee

Yeroon kun ji'a birraa fulbaana tokkoo jennee bara moofaa irraa bara isa haaraatti lakkoofnu ji'a gannaa, ji'a dukkanaarraa gara ifaatti ceenuudha. Ayyaana kana simachuuf dargaggoos tahe dargaggeettiin, jaarsa ta'ee jaartiin akkasumas ijoolleen Salaalee haala miidhagaafi hawwataa ta'een dabarsu.

Ayyaanni Qaammee ummata oromoo biratti beekamaafi jaalatamaadha. Gaafa ayyaanichaa namoonni ollaasaani waliin walwaamuun wajjin nyaatanii dhuganii ayyaanefatu.

Ayyaanni Qaammee ayyaana Durbaa jedhamuun beekama. Guyyaa kana ijoollee

durbaa hojii hinhojjechiisan, hinlolaniinis. Nyaachisani, obaasani gammachiisuun eebbisu. Guyyaa jala bultii ayyaanichaarraa eegalee ijoolleen shamarranii qunnii buqqisaa hanga darbaatti bareedanii sirbaan dabarsu.

Guyyaa buqqisaa qunnii kana ijoolleen durbaa uffata aadaasaaniitiin bareedanii walwaamuun sirbaa gara qunnii buqqifannaa deemu. Akkaataa ragaalee daawwannaa afaa afaa argametti Salaaleetti Oromoon guyyaa jijjiirraa bara haaraa kan kabaju gammachuun sirbaa, wantoota adda addaa raawwachaa guddinaafi badhaadhummaa hawwuuni.

Ayyaanni jijjiirraa bara haaraa kun haala ho'aa ta'een sabichaan kabajama. Hawaasni naannawaa osoo guyyaan kabaja ayyaanaa hingenye seensa Qaammeeraa eegalee qophiilee adda addaa taasisa. Jiraattota godinichaa keessaa harki caalu Qaammee 1 irraa eegalanii halkan laga bu'anii bishaan Qaammee dhiqatu. Akkaataa barsiifannaa hawaasaatiin kun kan raawwatamuuf xurii bara moofarraa qulqullaa'uun bara haaraa

qaamaafi sammuu qulqulluun simachuufi.

Erga bishaan Qaammee cuuphamanii booda mallattoo seensa bara haaraa kan ta'e daraaraa kutanii sirbaa gara mana ofiitti deebi'u. Sirna kanarratti dargaggoonni dhiiraa, shamarran, abbaan warraa malee akkaataa aadaa naannawaatti dubartoonni heeruman hinhirmaatan.

Sababa dubartoonni hinhirmaanneef 'Aadaadha' jechuurraa kan hafe ibsi qabatamaan argamaan jiraachuu baatus akka aadaatti garuu baratameera.

Gaheen dubartoota hinhirmaannee maatii bishaan Qaammee dhiqachuuf laga bu'aniif abidda qabsiisanii eeguudha. Miseensonni maatii cuuphamanii deebi'anii abidda qabate marsanii ho'ifachaa sirba Aseesaa Fulbaana 1 sirbamu shaakalu.

Dubartoonni ga'eessonni immoo sirba Aseesaa shamarran dagatan walaloo sirba Aseesaa yaadachiisuun akka sirban taasisu. Yoo dogoggoran sirreeffama kennu. Qaammee huccuuwaniifi meeshaaleen manaa xuraa'anis xuraa'uu baatanis ni nimiiccamu, dhiqamu. Bishaan Qaammeetin qulqullaa'u. Kana malees haati warraafi shamarran gooroofi mana ni haxaawu, harata abiddaan gubu, gooroofi lafa haxaawame faltii (dhoqqee) looniitiin qulqulleessu. Yeroo kanatti wantoota adda addaa raawwatu.

Shamarran jalabultii jijjiirraa bara haaraa ganama sa'aatii 12:00tti ka'uudhan gara qunnii buqqisuutti bobba'u. Qunnii buqqifachuuf kan bobba'an ollummaafi hiriyyummaan walfilachuudhaani. Kaayyoonsaanii olaanaan qunnii

Gara fuula 18tti

Shinooyyee: Sirba aadaa jala bultii Birraatti dubaraan sirbamu

Bayyanaa Ibraahimiin

"Sirbaa taphadhaa gammachuu keenyaa barri haarawaa kan ofii keenyaa

Qaammeen nuuf dhuftee meewaggaa haaraa

Nutis gammannee sirbaan dabalaa X 2

Abaaboon urgoofttee birraa barri jala gennaan

Dukkanni bari'ee ka'aa qarreenis wal geenyaa" jedha sirbi haaraan bara kana dubartootaan ayyaana dubartootaa waqtii jala bultii birraatti kabajamu Shinooyyedhaaf sirbame.

Akkuma waqtiin dukkanni gannaa xumuramee galaaf ka'uttiifi ifni birraa immoo iddoosaa qabachuudhaaf koroosaa eeggatuun qeerroofi qarreen Oromoo sirboota garaa garaatiin dukkana gannaa gaggeessanii ifa birraa immoo ittiin simatu.

Taphni waqtii seensa birraatti dargaggootni Oromoo keessattuu giddu gala Oromiyaa godinoota Shawaafi shawaa kaabaatti baay'inaan taphatan kun Goobee jedhamee kan waamamuudha.

Goobeen sirba wayita birraan bari'u sirbamu yoo ta'u jechi Goobee jedhu sirbichas, dargaggoota gareen sirban waamuufis ni

ta'a.

Sirbi birraa Oromiyaa bakka adda addaatti akka fi maqaa garagaraa qaba. Goobeen sirriitti kan beekamu Godina Shawaa Kaabaa ykn Salaaleetti.

Sirbi Goobee kan namootni lubbuun jiraatan barri haaraan bara nagaa akka ta'uuf ittiin wal eebbisani fi namoota du'aan boqatanii gara bara haaraatti hin ceene kan ittin mararfatanidha jedhu.

Ayyaanota ganamaa Oromoo bari'uu birraa himan

Ayyaana ijoollee Irreecha dura kabajaman Dargaggeessi umrii wagga 28 Mangistuu Taaddasaa waggoota 13 darbaniif sirba Goobee taphateera.

"Ergaan sirba goobee keessa jiru бага waggaa haaraa geessan kan jedhu dha. Obbolaawwan walbira jiraachuu keenya agarsiisuu fi kan lubbuun isaanii darbee nu biraa dhabamanis lubbuu isaanii yaa 'maaru' kan ittin jennuudha" jedha.

Goobeen tapha dargaggootaati. Dargaggootni lakkoofsaan osoo hin daangeffamiin waarii loon manatti erga ol dachaasanii booda garee gareedhaan ta'anii manarra deemun Goobee taphatu.

Goobeen guyyaa ayyaana Taaboree



(Hagayya 13) daamotii ibsuudhaan kan eegalamu yemmuu ta'u, sana boodas dargaggootni kun guyyaa guyyaan ykn darbee darbee akka haalli mijaa'efitti manarra deemuun Goobee sirbu. Sirbi kunis hanga jala bultii ayyaana Gubaa Fulbaana 16tti itti fufa.

Dargaggootni Goobee sirban irreessa marga jiidhaa harkatti qabatanii deemu. Mana nama tokkootti Goobee taphatanii yeroo maallaqni kennamuufitti marga jiidhaa sana irraa hammaaranii laatu.

Aadaan sirbaa shamarran Oromoo dukkana gannaa ittiin gaggeessanii dhufaati ifa birraa ittiin simatan immoo Shinooyyee jedhamee kan beekamu yemmuu ta'u, dubartiin sirba shinooyyee kana weeddisaa

tapattu immoo dubartiin hin heerumne durba duudaa qofaadhaani.

Aadaa dubartoota Oromoo hinheerumne qofaadhaan sirbamaa ture kun yeroo gidduutti dagatamee turetti deebi'ee akka dhaloota kanaanis sirnaan beekamuufi shamarran dhaloota kanaatiin akka kabajamuuf sirba aadaa shinooyyee kana dubartoota sirbaan deebisanii gara gurra ummataatti fidan keessaa isheen tokko Barsiiftuufi Weelliftuu Meetii Hayileeti.

Meetiin sirba shinooyyee kana umrii ijoollummaasheeraraa kaaftee dhagahaa waan guddatteef aadaa iddoo hedduu badaa dhufe kana dubartootni amma jiran akka

Gara fuula 23tti

Qarreefi Qeerroo

“Sadarkaan Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee irra jiru daran abdiin kan namatti horuudha”

- Biruuk Girmaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee barana Magaalota Finfinnee, Shaggar, Bishooftuufi Adaamaatti bifa qindaa'efi adda ta'een kaleessa, Qaammee 1 bara 2016 irraa kaasee hanga Fulbaana 13 bara 2017tti kabajama. Baniisi ayyaanichaa kaleessa Finfinnee, Giddugala Aadaa Oromooti eegalameera.

Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee barana qindoomina Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaafi Dhaabbata Piromooshinii Artii Boraatii adeemsifamaa jira. Ayyaana Goobeefi Shinooyyee barana ilaalchisuun turtiin Hojjegeessaa Dhaabbata Piromooshinii Artii Boraatii Biruk Girma waliin taasisne akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Dhaabbatiichi erga hundaa'ee waggaa torba ta'uuf deema. Akkuma maqaa dhaabbatiicharraa hubannu boraatiin sammuu namaa utuba. Dhaabbatiichi aadaafi duudhaa Oromoorratti hundaa'uudhaan kalaqa aartii fayyadamuun hawaasa Oromoo tajaajilaa jira. Dhaabbatiichi hanga ammaatti Afaan Oromootiin hojiiwwan kiliippii 50 ol hojjetee. Akkasumas filmiiwwaniifi fistivaalota gara garaa qopheessuunis kaayyoo dhaabbatiichi hundaa'ef keessaa isaan joo ta'uu dubbata.

Dhaabbatiichi aadaafi duudhaa Oromoo babal'isuufi addunyaatti beeksisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira. Ayyaanni Goobeefi Shinooyyees pirojektota dhaabbatiichi irratti hojjechaa jiru keessaa isa tokko. Dhaabbatiichi waggoota torba dura Ayyaana Goobeefi Shinooyyee Magaalaa Sabbataatti kabajuu jalaqabe. Kiliippiiwwan anyaanicharratti xiyyeeffatan lamas hojjetee. Dhaabbatiichi waggoota shanan darbaaniif Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa waliin ta'uun Goobeefi Shinooyyee bifa waalta'een akka kabajamu ta'era.

Sadarkaa Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee har'a irra jiru baay'ee abdiin kan namatti horuudha. Ayyaanichi aadaa, duudhaafi eenyummaa Oromoo addunyaatti beeksisuu keessattis gahee olaanaa qaba. Ayyaanichi tokkummaafi jaalala sabaafi sablammoota gidduu jiru cimsuu keessattis gahee guddaa qaba. Goobeefi Shinooyyeen yeroo ammaa bifa waalta'een sadarkaa Oromiyaatti kabajamaa jira. Goobeefi Shinooyyeen ayyaana dargaggoonni itti walarganii jaalalaafi tokkummaasaanii itti cimsataniidha jedha.

Akkaataan ayyaanni birraa Oromoo itti kabajamu jalqabaafi xumura qaba. Falaasama ayyaanicha keessa jiru sadarkaa biyyaatti baafnee utuu itifayyadamuu dandeenye tokkummaa, nageenyaafi jaalala biyyaa tasgabbeessuu keessatti gahee guddaa qaba. Ayyaanni birraa Oromoo akkaataa jaalala, nageenyaafi abdiin dhugaa ibsuun kabajama.

Ayyaana Goobeefi Shinooyyerratti kan hirmaatu Qeerroofi Qarreedha. Dargaggoonni ammoo abdiidha. Birraanis waqtii midhaan facaafame itti biiluufi firii naqachuuf itti deemu waan ta'ef yeroo abdiiti. Haaluma walfakkaatuun dargaggoonnis kan bor jiruu



dhaabbachuuf itti adeeman waan ta'ef waqtiin birraa yeroo ce'umsa dhugaati jedha.

Oromoon uumaafi uumama haalaan madaalee waqtii birraatti ce'umsa isa dhugaa taasisa. Oromoon bara moofaa keessaa gara bara haaraatti yeroo ce'u ce'umsa keessaafi alaa ni taasisa. Ce'umsa keessaa taasisuu jechuun jibba, lolaafi hammeenya of keessaa baasuun nageenyaafi jaalala dhugaa walii qabaachuu jechuudha. Kun ammoo sirna mijirii ibsuufi hulluuqqootiin agarsiifama.

Namni hammeenya garaa qabuufi walole hulluuqqoo keessa hindarbu. Hulluuqqoo keessa darbuuf namni hundi dura nama wal lolee jiru waliin nagaafi araara buusuu qaba. Akka Aadaafi duudhaa Oromooti haala kanaan bara moofaa keessaa gara bara haaraatti ce'ama.

Sirni hulluuqqoo kun sadarkaa biyyaatti utuu babal'atee hiikaa guddaa qaba. Utuu geggeessitoonni, hoggantoonni paartiileefi sabni hundi addabaabayii tokkotti baanee waan balleessine hundaaf dhiifama gaafannee araara dhugaa buufnee sirna hulluuqqoo geggeessinee nagaafi jaalalaa keenya daran cimsachuu dandeenya.

Akkaataa ummanni Oromoo bara moofaa keessaa gara bara haaraatti ittiin ce'u afaanumaan utuu hintaane keessoo isaafi ala isaatiin ce'umsa isa dhugaa taasisuudhaani. Sirna kana sadarkaa biyyaatti babal'ifnee utuu itifayyadamnee nagaafi jaalala dhugaa mirkaneessuuf gargaara.

Sirni mijirii ibsuun akkaataa amma jiruun bu'uura amantaa qaba. Sirna Gadaa keessattis ammoo bu'uura Gadaa qaba. Sirni mijirii Hagayya tokkorraa kaasee geggeeffama.

Abbaan Gadaa Hagayya tokkorraa kaasee Ginna gala. Abbaan Gadaa yeroo Ginna galu muka filatamaa umuriisaa fixe muree araddaa dhaabee deema.

Hawaasni naannawaas nama manasaatii muka umuriisaa fixate muree hanga Hagayya 16tti mijirii Abbaan Gadaa dhaabee darbetti naannesse tuula. Mijiriin kun gaafa Hagayya 16 Abbaan Gadaa Ginnaa deebi'u hawaasa waliin ta'uun ibsama. Hundumtuu ifaa mana manasaatii fidee mijirii sana bakka tokkotti ibsa.

Ginni bakka Abbaan Gadaa Waaqasaa dhiifama itti gafatuudha. Abbaan Gadaa yeroo Ginna galu sanatti wantoota bara bulchaa jiru sana keessa balleesseef dhiifama gaafatee Waaqasaa araara gaafata. Abbaan Gadaa kun keessasaafi alasa qulqulleeffatee gara hawaasaatti deebi'a. Yeroo kana Qeerroofi Qarreem Goobeefi Shinooyyee taphachuun birraan bari'uusaa labso.

Sirna mijirii aadaa kana bu'uura godhachuun sadarkaa biyyaatti saboonniifi sablammoota biyyattii waliin bara haaraa utuu simachuun danda'amee faayidaa guddaa qaba; tokkummaafi jaala keenyas daran cimsa. Ce'umsa bara haaraa kana afaan qofaan utuu hintaane bu'uura ce'umsa aadaa utuu bu'uura taasisannee gaariidha.

Barri haaraan kan naga jaalala tokkummaa nuuf haata'u jechaa richiitii dhoosuun bara haaraa simachuun farrisa. Kanaafuu akkaataan bara haaraa itti simannu bu'uura aadaafi tokkummaa sabootaafi sablammoota biyyattii keessa jiru cimsuu danda'uun ta'uu qaba. Dhaabbatni Piromooshinii Artii Boraatiis dhimmi biyyaa kun sadarkaa

biyyaatti fudhatama akka argatu taasisuuf hojjechaa jira.

Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee madda hawwata turizimii ta'ee tajaajiluu qaba. Ayyaanni kun hambaa kiliyaa akka ta'uufis hojiin eegalame cimee itti deemamuu qaba. Ayyaana kana barana bifa addaatiin kabajuuf qophii gahaan taasisfamaa tureera.

Hirmaattonni ayyaanichaas kan waggoota darbaniirra daran dabalaniiru. Mootummaan naannoo Oromiyaa, Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaas ayyaanichaaf xiyyeeffannaa addaa kennee dhaabbata keenya waliin hojjechaa jira.

Goobeefi Shinooyyeen barana Magaalota Finfinnee, Shaggar, Bishooftuufi Adaamaatti bifa walfakkaatuun akka kabajamuuf qophii gahaan taasisameera. Baniisi ayyaanichaa Qaamee 1 Giddugala Aadaa Oromooti adeemsifama.

Ayyaanicharratti agarsiisni daandiirraas ni geggeeffama. Dargaggoonni ayyaanicharratti hirmaatan waajjiraalee mootummaa federaalaafi naannoo Oromiyaafi dhuunfaa akkasumas mana namoota dhuunfaa gara garaa irra naanna'uudhaan бага bara haaraa geessan jechuun tapha kana kan agarsiisan ta'a.

Ayyaanni Goobeefi Shinooyyee Qaammee 1 bara 2016 jalqabame Fulbaana 13 bara 2017 sirna mijirii ibsuu, hulluuqqoo keessa darbuufi agarsiisa aadaatiin xumurama. Ayyaanicharratti namoonni kuma shan ta'an ayyaanicharratti ni hirmaatu jedhamee eegama.

Ayyaanni kun waggaa shan har'aa gaafa jalqabu fetivaala aadaa Goobeefi Shinooyyee jedhamuun eegale. Yeroo ammaa garuu gara Kaarnivaalaatti guddatee kabajamaa jira. Dhaabbatni Piromooshinii Artii Boraatiis ayyaana kana sadarkaa biyyaa, ardiifi addunyaatti beeksisuufi guddisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jira.

Ayyaanni kun industirii uffannaa aadaa Oromoo guddisuu keessattis gahee olaanaa qaba. Uffanni aadaas haala yeroo kana madaaluun miidhagee akka hojjetamu taasisuu keessattis gahee olaanaa qaba. Madda hawwata turizimii akka ta'uufis sirriitti irratti hojjechuun dhimma xiyyeeffannaa barbaachisaadha.

Bara kana hirmaattota Ayyaana Goobeefi Shinooyyee hunda bakka tokkotti suuraa kaasuu karoofamee hojjetamaa jira. Suuraan namoota kuma shan ta'an bakka tokkotti kaasuu kun sadarkaa biyyaattis ta'e Afrikaatti isa jalqabaa ta'uu danda'a. Kun tokkummaa keenya ibsuu keessatti gahee guddaa kan qabuufi gara fuulduraattis kan itti fufu ta'uu dubbata.

Milkaa'ina ayyaana Goobeefi Shinooyyee baranaaf qaamoleen hundi qindoominaan waliin hojjechaa jira. Ayyaanichis akkaataa aadaafi duudhaa akkasumas hammattummaa Oromoo danda'uun kabajama. Dargaggoonni ayyaanicharratti hirmaatanis ambaasaaddara aadaa Oromoo ta'ani aadaafi duudhaa ayyaanichaa eegani akka kabajaniif qophii guddaan taasisfamuus Biruk eereera.

AADAIFI AARTII

Sirba...

buqqifachuu ta'us dabalataan daraaraa ni kutu; dhallaaduus ni haamu.

Daraaraa kan kutaniif qunnii buqqifatanii manarraa naanna'uufi manatti afachuufi. Wadaajin Qaammee keessa wayita abaaboon daraarte jalqabama. Dardarraniifi shamareen akeekkataniituma wadaajidhaaf ashuffeetti ba'u. Jalabultii Fulbaana Itti shamarran qunnii buqqifatu.

Guyyaan kun Buqqisaa jedhamee waamama. Wayita shamarran qunnii buqqifatan dargaggeessi ammoo shimalasaa qabatee shamaree ilaallata ykn haala mijeeffata. Bariitusa erga qunnii baatanii mana maatiirra deemanii sirbanii, ebbifatanii booda warri shamarranii wadaajasaaniif karamellaa geessu.

Aadaan wadaajii Godina Shawaa Kaabaa ykn Salaaleetti beekamu kun kan jaalala itti agarsiifatanii fudhaafi heerumaafillee ittiin walkaadhimataniidha jedhu.

Sirba guyyaa buqqifannaa qunnii sirbamu

Shamarran qunnii buqqifachuuf deemanii yeroo iddicha gahan akka armaan gadiitti sirbaa buqqifatu:

Abaabilee yaa doolee

yaa eemmoo birraa roobee

dhallaaddu buqqifannaa

dhallaaddu buqqifannaa

guguddoo heerumsisnee

xixiqqoo guddifannaa

Abaabilee yaa doolee

Yaa eemmoo birraa roobee

Bishaan booruu yaa booruu (x2)

Daddarbaaf karra yaanaa

Yaa abbaa nooruu nooruu

Abaabilee yaa doolee

Yaa eemmoo birraa roobee

jechuun sirbuudhan dhallaaddusaanii buqqifatan. Dhallaaduu ykn qunnii buqqifame walitti qabatanii lafa kaa'un achuma dhabbatanii sirbu. Erga sirbasaanii xummurani booda iddoofi sa'atitii qunnii darbaa itti deeman akkasumas nama qunnii sana baatuufi kan qabee dhadhaa baatuu filachuun wal beellamanii gara manaatti deebi'u.

Guyyaa Qunnii Durbaa

Guyyaa ayyaana Qaammee kana ijoolleen durbaa ganamaan ka'anii uffata bitameef uffatanii, callee jiffaarratanii babbareduun baay'atanii ollaafi warra firaa bira sirba ayyaanichaa sirbaafi taphachaa deemu.

Firris ta'u ollaan gammachuudhan simatu. Shamarran kunniin yeroo qunnii darban sirba ayyaana Qaammee faarsu. Kan sababoota gara garaatiin biyyaa bahe akka deebi'uuf, kan namni jalaa du'e jajjabeessuun, kan hiriyaansaanii jalaa heerumte haadha mucayyoo heerumte komachuun sirbu. Aseesaa jechuun cegaluu:

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

waciitii babarruu (x2)

warri mana kanaa

gorru moo dabarruu

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Algee koo algee koo

Algee buqqifannaa

Haadha mana kanaa

Giiftii dubbifannaa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Gurcuu karra duraa

biiftuun itti baatee

haati mana kanaa

giiftiin gadi baatee

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

hindheeddammoo

siif haamuu yaa daalee

yoo baallamiin daraaree

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

yaa roophilaa giraarii galtaa

yaa Qaammee baranaa sisaayii qabdaa

walal jettee bubbeenii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Laga moogee yaa dalaliisaa

Abbaa qe'ee kanaa yaa qananiisaa

Siree warqirra ciisaa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Yaa faranjii uffata xaaqaa

Yaa maaramii yaa haadha waaqaa

Mee bara nuu araarsii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Shaggar gubbaa silkiin sibiilaa

Hinboo'inii yaa haadha dhiiraa

Lolli hinjiruu siriidhaa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Salaal gubbaa ittachi saaree

Abbaa qe'ee kanaa gooftaa Salaalee

Goofareen waaqa ilaalee

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Maasaa gama yaa lafa gayii

Abbaa qe'ee kanaa yaa salamayii

Mee kiisii harka kaa'ii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Waciitii bitanne milaa malee hinteechuu

Baranoon bara kanaa ilma malee hindeechuu

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Waciitii bitannee

Xiqqayyoo raacatii

Gadi bahii lolii

Yaa dhiira maajatii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Dibbee yaa iyyituu

Nama durba jibbee

Dirreen haa jibbituu

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Masoobii loggomaa

Qe'ee warra kanaa

Dulloonni soddomaa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Algeetoo algee too

Obboleettii gootaa

Qal'oo alangee too

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Guyyaa kana ijoolleen durbaa kunniin waan hawaasichi irra jirullee afwalaloo faaruu kanatti fayyadamanii ibsatu. Keessumaa dhiibbaa hamaa sirni mootummaa Hayilasillaasee Salaaletti abbaan lafaa ummatarraan gaheen Oromoon qe'eesaa gadhiisee gara Baaleetti baqachaa ture. Warri hafanis yeroo abbaan lafaa isaan miidhu afwalaloo ittaanuun quuqqaa keessoosaanii ibsachaa turan:

Yaa makiinaa kottee diddimtuu

Yaa Abbaa lafaa ammas nuun dhiistuu

Yoo didde Baale buunaa

Erga abbaan lafaa badee Oromoon lafasaa haala gaariin qotachuusaallee afwalaloo gadii kanaan ibsachaa turan:

Salaal gubbaa garbuun daraaree

Koottaa gala yaa warra Baalee

Abbaan lafaa kasaaree

Salaal gubbaa atarri loo'ee

Koottaa galaa yaa warra Baalee

Hiyyeessi keessaan boo'ee.

Haadha mucayyoo hiriyaansaanii jalaa heerumtee komachuun akkana jedhanii sirbu

Algee haamee afee (x2)

Obboleettii gootaa

Qalloo waamee dhabee

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Yaa shaamee (x2)

Birraa maalan goodhee

Hiriyaa na samee

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Aseesaa jedhanii

Garaa nu raasanii

Wayyoo yaa hiriye

Addaan nu baasanii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Warra namni jalaa du'e jajjabeessuuf ammoo:-

Bishaan baddaa

Yaa humbulloo koo

Yaa ebalu yaa qulqulluu koo

Si nyaattekaa biyyeenii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Mukaa qarree mummurtan moo jiraa

Uffata koo gurgurtan moo jiraa

Jedhee ebaluun ni boo'aa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Warra shaggar mormi tumaadhaa

Ani hingaluu kiyyaa dhumaadhaa

Jedhee ebaluun ni boo'aa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Eelee assassanii (x2)

Hinboo'in haadha too

Biyyee hinkassanii

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Muka qarree qarreettan dhiisee

Uffata koo fannootan dhiisee

Jedhee abaalun ni boo'aa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Yaa qal'ayyoo sabbata shoolee

Uffanni mana oolee

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa

Warraa shaggar karri qulfiidha

Ani hingaluu kiyya qurxiidha

Jedhe ebaluun ni boo'aa

Aseesaa goofaree gootaa

Abaaboon dhootee hoodaa.

Warri isaan itti dhaqan keessumaa haati warraa itti gadi baatee; qinceefi daaboo nyaachistee, aaman obaastee, dhadhaa dibdee eebbisti. Yeroo ammaa bakka warri manaa manguddoota ta'anitti malee nyaachisuufi obaasuun hafee qarshii kennuufiidhaan bakka buusaa jiru.

Qarshii kennuufiin akka guddatanii bakka guddaa gahaniif hawwii qabaniin eebbisu. Isaanis ni eebbisu. Alliiif manni waatiifi maatiinsaani akka fayyaafi nagaa ta'anii waggaa waggaa jiraatan ni eebbisu. Haala kanaan deema, taphachaa oolani yeroo adda bahan waan guyyaa argatan qoddachuun:

Naxalaa kuula diimaa

Mukti qabee targaasee

Nagaatti yaa hiriye

Giddiitu addaan nu baasee jedhanii

sirbuun nagaa walitti dhammatanii gara mana manasaaniitti galu.

Mammagaallan Salaalee waljalaa qabani yemmuu sirban dhaggeeffatamee hinquuffamu, gurra keessaa nama bilbilcha. Akkaataa walitidhufeenyan tarree galanii mudhii walqabachuun yemmuu walitti ragadan mormi irra keessan waan irraa citee lafa bu'uu fakkaata. Qalbii namaas booji'a. Nama dandeettii sirbaa qabuu mitii isa kaanuu onnee isaa kakaasa, fudhatees siin lixa.

Wajjira Aadaafi Turizimii Godina Shawaa Kaabaa

Ilaamee...

“Bara haaraa kanatti carraawwaniifi...

sirnaan fayyadamuu qabna. Guyyoota hunda sammuu fi sagantaa haaraan simannee ittifayyadamuu qabna. Waantoota bara haaraa fuuldura keenya jirutti karoofanneefi saganteeffannes qabatamaan hojiirra oolchuu qabna.

Bariisaa: Karoorraafi sagantaa bara haaraatti qabanetti milkaa'uuf maal gochuu qabna?

Doktar Zarihuun: Milkaa'inni %1 karoora yoo ta'u, %99 ammoo karooricha hojiirra oolchuudha. Faayidaa karoora namoonni milkaa'oon nibeeku; namoonni pirojektii garaa garaa irra hojjetan ni hubatu. Karoora karoofannee hojiirra hinoolchinu taanaan waraqaarratti hafa. Wantoota waggaa keessatti hojjechuuf karoofanne walakkaa waggaa, nuusa waggaa, ji'a, torban, guyyaafi sa'aatiif qoodnee hojiirra oolchuu qabna. Wantoota guyyaa guyyaan hojjennus gamaggamaa deemuu qabna. Waan karoofannee utuu hinraawwatin hafne ammoo sababa isaa waliin lafa kaa'uu qabna.

Karoorri riqicha bakka amma jirtuufi bakka ga'uu barbaadu gidduu diriiruudha. Bakka barbaanne ga'uuf ammoo riqicha ijaaraa deemuu qabna. Maniin nuti qabnu karooraan bira ga'ama. Kan karoorsinus har'a. Namni mana ijaaruu iyyuu kan qorqorroo itti uffisu utuu aduun jiruuti. Isa boriif har'uma karoorsuu qabna.

Karoora baafatanii hojiirra oolchuu dhabuun yeroo ofii gubuudha. Waan karoorfatte raawwachuuf yoo of hinqopheessine, yoo waan hojjenne madaalaa hindeemnu ta'e dhumarratti raawwiin keenya amma yaadne hinta'u. Waadaa ofiif galles qabatamaan hojiirra yoo oolchuu baanne waggaa waggaa waadaa galuu qofti bu'aa qabu.

Bariisaa: Bara haaraa kanatti rakkoo nageenyaa biyyattiitti bakka gara garaatti mudatu furuuf maaltu furmaata jettu?

Doktar Zarihuun: Rakkoon nageenya biyya keenya wantoota hedduu kan of keessa qabu yoo ta'ellee kanneen armaan gadiiratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Tokkoffaan dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba. Hoji dhabdummaan rakkoo jaarraa 21ffaafi addumaan ammo rakkoo biyyootan guddachaa jiranii isa cimaadha. Akka qorannoon waggoota muraasa dura taasisame agarsiisutti dargaggoota jaha keessaa tokko qofatu hojii argata. Akka addunyaatti hoji dhabdummaan dargaggootaa %50 yoo ta'u, kanneen keessaa %89 biyyoota guddachaa jiranitti argamu. Karaa biraas dargaggootarratti hojjechuun egeree biyyaarratti hojjechuudha.

Namni waan hojjetuufi nyaatu hinqabne rakkoo adda addaa uumuuf qophaa'aadha. "Sammun hojii hinqabne workishooppii Seexanaati" jedhu faranjooni. Utuu carraan hojii bal'inaan dargaggootaaf uumamee walitti bu'iinsiifi rakkoon nageenyaa kun akkasitti itti hinfufu jedheen amana. Lammaffaan bulchiinsa gaarii hanga sadarkaa gandaatti mirkaneessuunis dhimma mootummaan xiyyeeffannaan irratti hojjechuu qabuudha. Hawaasni tajaajila barbaadu akka argatuuf rakkoo bulchiinsa gaarii furaa deemuun barbaachisaadha.

Rakkoo nageenya biyyatti furuuf inni sadaffaan, maddoota rakkoo nageenyaa ta'an sirriitti qorachuun barbaachisaadha. Rakkoo nageenyaa furuuf hawaasni biyyattiis isa darberraa barachuun isa dhufuuf of qopheessuu qaba. Wantoonni darban nu hingargaarre taanaan wantoonni amma keessa jirus nu hingargaaran. Kanaafuu miidhaa sababa rakkoo nageenyaatiin nurra ga'erraa barachuun nageenya mirkaneessuuf tokkummaan hojjechuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Aadaan hojiifi ittifayyadamni yeroo biyya keenyaafi biyyoota guddatanii maal fakkaata?

Doktar Zarihuun: Biyyoonni guddatan faayidaa hojiifi yeroo sirriitti beeku; yoo hojjetan malee akka jiraachuu hindandeenye beeku. Fakkeenyaaf biyya keenyatti buna dhaabnee waggaa yeroo tokko itti soquun omisha irraa waan argannuuf hojiif baay'ee kan nama qopheessu miti.

Biyya keenyatti waan xiqqoo hojjetanii nyaatanii buluun waan danda'amuuf aadaan hojii keenya lafaadha. Rakkoo qaala'insa jireenyaa akka biyyaattis ta'e addunyaatti mudatee jiru furuuf aadaan hojii keenya guutummaatti jijjiiramuu qaba. Akka dhuunfaattis ta'e dhaabbata keessaa hojjechaa jirru keessatti jijjiirama fiduuf aadaan hojii keenya guutummaatti jijjiiramuu qaba. Yoo ta'uu baate guyyaan bori dhaloota amma jiruuf guyyaa salphaa hinta'u.

Barri fuuldura keenya jiru bara dorgommii waan ta'eef baay'ee hojjechuufi yeroo keenyatti sirnaan fayyadamuufi dorgomaa cimaa taanee argamuu qabna. Waan hojjennee argannerraa qusachuu, kan qusannerraa ammoo invasti gochuutu nurraa eegama. Dhalootaaf barri dhufu bara dorgommiiti. Bara dorgommii keessatti dorgomaa cimaa ta'uuf cimnee hojjechuu qabna.

Bara ittaanu nama dorgomaa cimaa ta'etu jiraata. Kan dorgomaa cimaa ta'uu dadhabe hanga budeen nyaatee bulu dhabutti rakkachuu danda'a. Bara dijitaalaa waan ta'eef gara fuulduraatti nama saamaniifi hatanii nyaachuunillee hindanda'amu. Kan nu baasu jabaannee hojjechuuf of qopheessuudha.

Namni of hinqopheessine hojjetaa nama of qopheessu ta'a. Of qopheessuu jechuu yeroofi kenna rabbi nuu kennetti fayyadamuuf kaka'umsaan hojjechuudha. Guyyaan tokko sa'aatii 24:00 qaba. Sa'aatii waliin deemuufi sammuu Waaqayyo nuuf kennetti fayyadamuuf of qopheessuudha. Milkaa'uuf sammuu yeroo keenyatti sirnaan fayyadamuu qabna.

Yeroo qabnutti fayyadamuun barbaachisaadha. Yeroon nidarba. Namootni yeroo sirriitti hin beekne yeroo facaasanitti hammachuuf deemu, yeroo hammatanitti facaasuu dhaqu. Yeroon keessummaadha; liqeffachuu, liqeessuu, oolchuu, dhiisuu, fudhachuu, dhaabuu, tuuluu, dheeressuu, gabaabsuu, hin danda'amu. Yeroo beekuun akka nama milkeessu yeroo wallaaluunis sababa kufaatii. Kanaaf yeroo sirriitti hubachuun ittifayyadamuun murteessaadha.

Dargaggoonni keenya hedduun yeroosaanii qoosaafi wantoota waa'ee hinbaafne miidiyaa hawaasummaarratti gadlakkifaman

ilaaluurratti yeroosaanii qisaasesaa jiru. Jireenya amma jiraachaa jiran keessaa ba'uuf barumsaanis of qopheessuu qabu. Miidiyaa hawaasummaa gaarummaaf itti fayyadamuu danda'uutu nurra jiraata.

Miidiyaa hawaasummaa of jijjiiruufi jireenya keenya fooyyessuu, egeree keenya fooyyessuuf itti fayyadamuu qabna. Namni siif yaadu inni jalqabaa suma mataa keeti. Inni gara biraan ittaaneetu dhufa. Dhaloonni amma jiru of jijjiiruuf hinqophoofne taanaan nama of jijjiiruuf qophaa'eef hojjetaa ykn yaabbannoo ta'a. Barumsaafi mul'ata bori sirrii qabaachuun milkaa'ina keenyaaf daran barbaachisaadha.

Bariisaa: Bara haaraa simachuuf jennu ilaalchisuun ergaan dargaggootaaf qabdan yoo jiraate?

Doktar Zarihuun: Itoophiyaa dabalatee biyyootni guddinarra jiran dargaggoota hedduminaan qabu. Odeeffannoon kanaan dura qabuun dargaggootni %87 kan ta'an biyyootni guddinarra jiran keessatti argamu. Akka biyya keenyaattis ta'e addunyaatti yoo dargaggoota kunneenirratti invasti goone ykn irratti hojjenne faayidaa guddaa qaba. Hayyoonnis dhimma kanarratti hojjechuu qabu. Dhalootarratti ykn dargaggootarratti invasti gochuun ykn hojjechuu jechuun egeree biyyaarratti hojjechuudha.

Biyyoonni guddatan dursanii dargaggootarratti hojjechuudhaan guddatan. Kanaafuu akka maatii, mana barumsaafi biyyaatti dargaggoota keenyarratti hojjechuun barbaachisaadha. Kariikulamiin barnoota biyya keenyaas kan egeree dargaggootaatti waan gaarii agarsiisu ta'uutu irra jiraata. Utuu dargaggootarratti hojjennee ofiisaanii, maatiifi biyyasaaniiratti jijjiirama guddaa fidu. Wantoonni akka mootummaatti, mitmootummaatti, waldaa kiristaanaatti, akka maatiifi hawaasaatti raawwannu hundi dargaggoota kan humneessuufi waan gaarii kan itti agarsiisu ta'uutu irra jiraata.

Dargaggoonnis humna qabaniin halkaniifi guyyaa fiigani hojjechuuf murteeffachu qabu. Jireenya ofii tolchuufi balleessuun harkuma keenya jira. Kanaafuu dargaggoonnis cimani hojjechuun of jijjiiruuf of qopheessuu qabu. Dargaggoonni galii argatanirraas qusachuu qabu.

Dargaggoonni yeroofi humnasaaniitti fayyadamuun hojjechuun jiruufi jireenya ofiifi maatiisaanii fooyyessuufi egereesaaniifi biyyasaanii milkeessuu qabu. Yuniarsiitoota gara garaa irraa eebbifamanii carraa hojii barbaaduun bu'aa ba'ii guddaa qaba; carraan hojii argachuus dhiphaadha. Kanaafuu dargaggoonni miindeffamanii hojjechuurra hojii dhuunfaasani uummachuurratti xiyyeeffachuu qabu. Miindeffamanii hojjechuufi hojii dhuunfaa ofii ummatanii hojjechuu gidduu garaa garummaa guddaatu jira. Mindaan ji'aan argamu akka nama qoricha adoochaa ji'a tokkoof fudhatee hojjetuuti. Namni hojii dhuunfaa hojjetu garuu guyyaa guyyaan galii argata. Namni hojii dhuunfaasaa ummatee jabaatee hojjetu galiisaa guyyaa guyyaan guddifaachaa deema.

Namoonni bu'aa ba'ii carraa hojii uummachuu keessa jiru sodaatan hojii barbaachaan yeroosaa dabarsa; kan

mindeffamee hojjetus hojii dhuunfaasaa hojjechuuf kaka'umsa hinqabu. Namni ani hojii dhuunfaa koo uummadhee hojjechuu nan danda'a, ofirra darbee namoota biroof carraa hojii uumuu nandanda'a jedhee of amansiisee gara hojiitti seenaan waan hojjetutti ni milkaa'a.

Dargaggummaan yeroo humna qaban, itti fiigani bu'anii ba'anii hojjechuu danda'aniidha waan ta'eef yeroofi humnasaaniitti sirriitti fayyadamuu qabu. Iddoo hintaaneefi hiriyaa hintaane waliin yeroosaanii dabarsuurraa of qusachuu qabu. Hiriyaa kee hojiifi mul'anni kee bori yoo ta'e bakka barbaadde ga'uu dandeesa. Kanaafuu dhaloonni kun ofiisaafi egereesaaf yaaduu qaba. Dhalootni har'aa dhaloota dhufuuf waan gaarii dabarsuuf cimee hojjechuu qaba.

Bariisaa: Guyyoonni Qaammee maqoota gara garaatiin moggaafamanii sadarkaa biyyaafi naannoleetti kabajamaa jiru. Haaluma kanaan Qaammeen 1 'Guyyaa Ce'umsaa' jedhamuun kabajama. Jecha 'Ce'umsa' jechu kana akkamitti ibsiti?

Doktar Zarihuun: Jechi ce'umsa jedhu kun bara moofaa keessaa gara bara haaraatti ce'uu agarsiisa. Wantoota moofaa ofirraa urgufnee bara haaraatti ceenu baay'ee qabna. Ilaalcha kaleessaa keessaa baanee ilaalcha haaraan bara haaraatti ce'uu qabna. Ilaalchi keenya egeree keenya murteessa. Ilaalchi keenya jireenya keenya murteessa.

Namootni tokko tokko kufaatii kan dhaabatan yeroo ta'u kaan ammoo kufaatii isaan hin dhaabu. Namoota kufaatii hin dhaabne akka isaan itti fufanii deeman maaltu isaan taasisaa? Inni kun ilaalcha isaan qabaniidha. Ilaachi nuti kanaan dura walii keenyaafi hojiif qabnu jijjiiramuu qaba. Akka nama dhuunfaa, hawaasaafi biyyaatti dogoggoroota keenya kaleessaa keessaa baanee ilaalcha, adeemsafi mul'ata haaraadhaan bara haaraatti ce'uu qabna. Ce'umsi kun maqaa duwwaa ta'ee akka hinhafneef ammoo nan kadhada.

Bariisaa: Dhumarratti bara haaraa ilaalchisuun hawwii gaarii ummataafi biyya keenyaaf qabdan yoo jiraate?

Doktar Zarihuun: Barri 2017 bara ummanni biyyattii hundi nagaan ba'ee galu, bara namni jaalalaafi gammachuudhaan waliin jiraatu, bara namni hojjetee, daldalee, baratee itti milkaa'u, bara namni yaadee yaadasaa bakkaan ga'uu danda'u, bara namni karoorse, saganteessee maniisaa bira ga'uu danda'u akka ta'un hawwa.

Barri haaraan simannu kun bara itti namoonni wantoota adda addaatiin itti walmiidhan utuu hintaane bara inni qabu isa hinqabne itti gargaaru, bara inni geggeessu warra geggeessuuf itti yaadu, bara inni geggeeffamu isa isa geggeessuuf itti yaadu, bara namoonni waliisaaniitiif yaadan, walbira dhaabbatan, wal oolchuu danda'an akka ta'un ummata biyyattii maraaf hawwa. Bara namoonni baroota darban hunda taa'anii ilaalanii tuffatanii wantoota ta'aa turan hunda akka abjuutti ilaaluun ajaa'ibsiifatan akka ta'un hawwa.

“Riiformii taasifameen biyya cabiinsa..

akka jedhanitti, jijjiiramaan booda akka naannichaattis ta'e biyyaatti riiformiin sektaroota garagaraatti taasifame biyya diigumsarraa baraaruu qofa osoo hintaane firii rogawwan maraa argamsiiseera.

Obbo Awwaluun, Waraana Itoophiyaa Kaabaa dabalatee aggaammii biyya diiguu qaamolee garaagaraa taasifame injifachuun Raayyaa Ittisa Biyyaa dabalatee riiformii qaamolee nageenyaa ala hin yaadamu ture jedhanii; riiformii taasifameen Raayyaa Ittisa Biyyaa hunda hammatee kan aantummaa biyyaafi ummataa gonfate ijaaruu danda'ameera. Raayyaan Ittisaa ga'umsaafi naamusa qabuun aggaammii kamuu qolachuurratti akka fakkeenyaatti eeramas jedhaniiru.

Riiformii taasifameen sababa siyaasaatiin diinummaan walilaaluun hafee paartiilee biyyaa baqatan biyyatti deebisuun waliin hojjechuun danda'ameera. Seerri farra shororkeessaa kan lammiilee 'maayikalaawwiitti' dararaa ture jijjiiramuun, ammaan tana bakkichi iddoo hawwata turizimiitti jijjiirameera. Seerotni hedduun hudhaa guddina biyyaafi yaaddoo lammiilee turan jijjiiramuun biyyi kallattii badhaadhinnaa qabachuu Obbo Awwaluun ibsaniiru.

Riiformii dinagdee taasifameen siyaasni Itoophiyaa deeggarsa qamadiin micciiramaa ture qamadiin of danda'uu bira darbee alatti eerguun seenaa ta'uu yaadachiisanii; keessattuu Oromiyaan qamadii dabalatee omishaalee alergii dabalaa jiran keessatti shooraa olaanaa qabaachuu dubbataniiru.

Ta'us riiformiiwwan taasifaman hundi milkaa'oo ta'anis kenniinsi tajaajilaa ammayyuu danqaa guddaa ta'uu kaasanii; ummatni osoo qubnisaa muramuu mootummaa mataasaa filateefi biyya diigumsarraa baraaruu ilmaasaafi

sangaasaa gumaachaa ture har'a tajaajila argachuuf sangaasaa gurguruu akka hinqabne mootummaan hojmaata badaa kenna tajaajilaatiin walqabate araarama tokko malee akka itti adeemu hubachiisaniiru.

Hoggantuun Biiroo Pablik Sarviisiifi Qabeenya Humna Namaa Oromiyaa Aadde Kookobee Diidhaa gamasaaniin akka jedhanitti, kenna tajaajilaa fooyyessuuf tarkaanfilee hedduun fudhatamanis ammayyuu hojmanee guddaan hafeera. Har'a, Qaamnee 2 oggaa Guyyaan Riiformii kabajamu hojii qabatamaan deeggaramuu waan qabuuf manneen hojii naannichaa hundi banaa ta'uun hawaasa akka tajaajilan ibsaniiru.

Mootummaa sirna jaba qabuuf fudhatamummaa ummataa gonfate itichuuf riiformiin hundeen lafa qabsiisuun barbaachisaa ta'uu dubbatanii; hojjetaafi hojmaata sirrii jajjabeessuu cinatti sirni ittigaafatamummaa jabaanis akka diriiru eeraniiru.

Guyyoonni Qaamnee shanan moggaasawwan adda addaatiin kabajamaa kan jiran yoo ta'u, kaleessi guyyaa, Ce'umsaa jedhamuun qophiilee adda addaatiin kabajameera. Ministirri Muummee Abiyyi Ahmadis ('PhD) ergaa, "Kan as geenye wantoota hedduu ceeneeti. Albeen hinluqqifamne, eeboon hinmirmirfamne, kiyyoon hinkaa'amme, shirri hinxaxamne, boolli hinqotamne hinturre. Gargaarsa Umaatiin hunda ce'aa jirra.

Waraana, weerara koronaa, walittibu'iinsa, garee awwaannisaa, bu'aa bayii Hidha Haaromsaa ceeneerra. Kanneen biroos ce'aa jirra.

Nuti warra ce'uudha. Kan nucessisus kan hincabneedha. Gamatti hinhafnu. Gidduuttis hinkufnu. Injifannoodhaan akka ceenu shakkii tokkollee hinqabnu" jedhu dabarsaniiru.

Shinooyyee: Sirba aadaa jala bultii Birraatti...

deebisanii haaroomfataniif gara sirbaatti fiduu himti.

Akka yaadasheetti; sirbi shinooyyee jedhamu aadaa dubartoonni ji'a Qaamnee keessa yeroo barri haaraa seenuuf jedhutti sirbama.

Weedduu dubartootaa kana ijoollummaarraa hanga kutaa 11 baradhutti waanin weeddisaa guddadheef aadaa kana beeksisuufan sirba shinooyyee jedhu kana hojjeedhe.

“Shinooyyee sirba shamarraniiti. Shamarran hin heerumne jechuudha. Bakka adda addaatti maqaa adda addaa qabaachuu danda'a.

“Shinooyyee ani hojjeedhe kun aadaa ummataa kan naannoo Shawaa Kibba Lixaatti sirbamuudha.

Weedduu dubartoonni gurmuudhaan weeddisan kun ergaawwan garaa garaa kanneen akka gammachuu dhufaatii bara haaraa, jaalalaafi abdiin kan keessatti calaqqisu weedduu ergaa dacha of keessatti hammateedha.

Shamarran weedduu kanaaf dursanii qophii kan godhatan yoo ta'u, Ashooshillaa hidhachuun, Qunnii buqqifachuun, rifeensa bareechachuun warra ijoodha.

Dubartoonni mana namaarra deemanii weedduu shinooyyee weeddisan abbootii warra mana sanaa nijaju, nileellisu akkasumas kan eebbisan yemmuu ta'u, warri manaa ammoo dubartootaa kanneeniif waanuma qaban kennu.

Dur akka aadaatti dhadhaa dibu malee birriin hin kennamu ture. Amma warri manaa waanuma qaban

kennu. Baay'inaan amma qarshiitu kennamaafi jira dubartoota weedduu shinooyyee kana tapataniif.

Sirbi Qaamnee Meettii 'Shinooyyee' jedhu kun Qaamnee simannaa bara haaraatiif akka gadhiifameefi sirbicha keessatti bakka aadichi akka gaariitti jiru deemuun qabiyyeesaa sirriitti agarsiisuuf yaaleera jetti.

Meettiin hanga ammaa sirboota qeenxee shan ummataa geesse keessaa sirba 'Galoo maaloo maaloo' jedhuun beekamtii akka horatte himti. Sirboota kunneen yoo hojjetu hojii barsiisummaa ishee wajjin walcinaa deemsisuun akka ta'es ni eerti.

“Ijoollummaa kiyarraa kaasee fedhii sirbaan qaba. Garuu maatiin gara barumsaa fedhu waan ta'eef sirba kanin eegale ergan yunivarsiitirraa eebbifamee hojii jalqabeeyi. Sirboota shanan kana hojii barsiisummaa kiyas hojjechaatuman hojjeedhe” jetti.

Yeroo mana barumsaati barsiisuuf daree deemu barattooni sirba isheetiin akka ishee akkeessanis n dubbatti. “Yeroon kutaa seenuuf gara darbiitti olbahu ijoollan 'Galoo maaloo maaloo' jedhu dhokatanii. Eenyu akka ta'e ani hin argu. Yeroo hedduu akkas godhu. Ani barattoota kiyaa baay'een jaaladha isaanis akkasuma. Jaalalumaaf akka na akkeessan nan hubadha” jetti.

Waggoota jijjiirama siyaasaa biyyattiitti dhufe kanneenitti sirboota weedduu dubartootaa waqtii dhufaatii birratti sirbamu Shinooyyee isa dhiiraan sirbamu Goobee dabalatee aadaawwan Oromoo kanaan dura hammachaa turan hedduu deebi'anii

bayyanachaa jiru.

Baranas dhufaatii birraa bara 2017 dubartootni Oromoo sadii iddoo tokkotti qindaa'anii sirba Shinooyyee haaraa dhiheenya kana gadi lakkisanii gamanumaan dubartootaa iddoowwan garaa garaa jiraniin ittiin sirbamu eegaleera.

Sirbi shinooyyee haaraan dubartoota sadeen, Immuu Girmaa, Naasraa Yusuufiifi Jiituu Daanyeeitiin kan sirbame yemmuu ta'u,

“Sirbaa taphadhaa gammachuu keenyaa

barri haarawaa kan ofii keenyaa

Qaammeen nuuf dhuftee meewaggaa haaraa

Nutis gammannee sirbaan dabalaa X 2

Abaaboon urgoofttee birraa barri jala geennaan

Dukkanni bari'ee ka'aa qarreenis wal geenyaa”

Jechuudhaan waqtii birraa dhufuusaatiin dubartootni iddoo jiran hundatti gurmaa'anii weedduu shinooyyee kana akka tapataniifi bara haaraa simachaa jiranittis akka gammadaniif hawwiisaanii kan ittiin ibsataniidha.

Waqtii jijjiirraan bara haaraa dhufuutti sirboota waa'ee bara haaraa of keessatti hammatan, keessattuu kanneen aadaa Oromoo of keessaa qaban dhagahuun biyya kanatti waan hedduu baratame akka hintaane dubartoota sirba haaraa shinooyyee barana bahe kana keessatti qooda fudhatan keessaa ishee tokko kan taate Artisti Naasraa Yusuuf ni himti.

Sirboota qofaa osoo hintaane ayyaanota gara

garaa biyya kana keessatti kabajamaa turan keessatti hirmaannaan artistoota Oromoos hanga eeggamu kan hinturre ta'uu kan himtu Artisti Nasraan, waggoota muraasa kana keessatti garuu hirmaannaan artistoota Oromoo hedduu dabalaa dhufaa jiraachuu ibsiti.

Sirbi shinooyyee dhiheenya kana isaan gadi lakkisanis barri haaraa kuniifi aadaawwan sirbaa jala bultii bara haaraatti sirbamani keessaa dubartoota Oromoo biratti baay'inaan kan beekamu sirba shinooyyee ta'uusaatiin aadaan kun akka hinbadneefi dubartootni amma jiran sirnaan baranii akka sirbaniif yaadamee kan qophaa'e ta'uus ni himti.

Kanaan dura barri haaraa biyya kanaas ta'ee ayyaanonni waqtii jijjiirraa bara haaraatti kabajaman kanniinii akka waan Oromoon keessa hin jirreetti ilaalamaa ture. Ilaalcha akkasii kana cabsuuf immoo artistootni Oromoo shooraa guddaa waan qabaniif, nutis shooraa keenya bahachuuf sirba aadaa kana sirbine.

Dubartootni waliin gurmoofnee sirba kana waliin hojjannes kutaalee Oromiyaa garaa garaa irraa kan walitti babbaane waan ta'eef, achumaanis tokkummaa Oromoos kan keessatti calaqqisudha.

Walumaagalatti; sirbootni aadaa Oromoo waqtiwwan garaa garaa sababeeffachuudhaan sirbamaa turaniifi sirnoota mirga ummataa hinkabajneen haphachaa dhufe kanniin deebisanii haareessuuf deeggarsi gama mootummaatiin jiru cimsee ittifufuu qaba.

“Jibbarraa bilisa taane ayyaanota...”

Finfinnee Hajii Sulxaan Amaan Eebbaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, jiruun dhala namaa nagaa booddeedha. Salaata keessattillee nagayumatu kadhatama. Islaamni tokko gaafa nagaa nama gaafatu nageenyi sirratti haa ta'u jedhee itti dhaama, maqumti Islaama jedhu mataasaatiin nagaa jechuudha.

Abbootiin amantii dhageettii qabanitti fayyadamani obbolummaa dhugaa barsiisuun yoo hojjetan gaafa san nageenyi amansiisaan dhufuu danda'a.

Dura taa'aan Waldaa Amantii Waqeffannaa Addunyaa Doktor Qana'aa Lammiis akka jedhanitti, waa'een nageenyaa falaasama Oromoo keessatti iddoowwan hundatti ka'a. Gaafuma waleebbisullee bunaafi nagaya hindhabinaa jedha. Bakka nageenyi hinjirretti bobba'anii galuun baratani qaroomuun, daldalanii buufachuun waan hindanda'amneef namni hundi akkuma amantiisaatti waa'ee nageenyaatiif kadhachuu qaba.

Walittibu'insi waanuma uumamaan jiruudha waan ta'eef walitti bu'iinsa ilaafi ilameedhaan furuutu barbaachisa jedhanii; barri haaraan bara Gadaan itti ofkalu, waldhageenyu, kormi baroodu nuuf haa ta'u jedhaniiru.

Phaaphaasiin Bataskaana Kaatolikii Itoophiyaa Kaardinaal Biraanayasuus Suraafeelis ergaa dabarsaniin, barri dhufu bara rakkinoota walxaxoo keessaa itti ba'amuufi sagalee dhukaasaa itti hindhageenye akka ta'uu hawwa jedhan. Warra rakkatan deeggaruun ayyaana bara haaraa kabajuu qabnas jedhan.

Pirezidaantiin Gamtaa Waldaalee Kiristaanaa Warra Wangeelaa Itoophiyaa Paastar Tsaadiquu Abdoos, barri haaraan bara nageenyi biyyattii itti mirkanaa'u akka ta'u hawwanii, barichi bara lammiiileen kallattii biyyattii tokkoo biraatti yaaddoo nageenyaa tokko malee hojjetanii itti jijjiiraman nuuf haa ta'u jedhaniiru.

“Yoo madaan tokkoo isa kaan dhukkube waliin jiraachuun hinulfaatu” jedhanii; ba'aa walii keenyaa baanneefi rakkoolee walii hubannee obbolummaa dhugoomsuun nagaan waliin jiraachuun akka barbaachisu ibsaniiru.

Yoo qabeenya uumamaa kunuunsine deebisee nu soora, yoo qorqinemmoo deebi'ee nu miidha waan ta'eef naannawa keenya kunuunsuun biyya bareedduu Waaqayyoo nuu kenne eegnee irraa fayyadamuu qabnas jedhan abbootiin amantii kunniin.

Ayyaanonni bara haaraa duudhaasaanii...

Akka ibsasaaniitti, komishinichi jijjiiramaa as dirqama labiidhaan kennameef ba'uudhaaf riifoormiin qaamolee nageenyaa gaggeeffameera. Riifoormichi humna namaa beekumsaafi ogummaa, loojistiksii, teknoloojii cimsuun raawwii komishinichaa milkeessaa jira. Nageenya bu'uraalee misoomaa biyyaaf faayidaa guddaa qaban kanneen akka daandiiwwaniifi warshaalee guguddoo, hidha laga Abbayyaa, daandii baaburaafi xiyyaaraafaan rakkoo nageenyaa tokko malee tajaajila akka kennan taasifameera.

Bu'aa rifoormii gaggeeffameen humni poolisii federaalaa bakka itti ijaaram hundatti teeknoloojii fayyadamuudhaan hojii nageenya mirkaneessuufi yakka ittisu milkaa'an bara 2016 keessaa hojjetameera. Yeroo ammaa kana Wiirtuu To'annoo Waloon ('common control center') waan hundumaa to'achuun danda'ameera.

Bara 2017ttiis rakkoowwan nageenyaa bara 2016 mul'atan akka hinuumamne qaamolee nageenya mirkaneessuuf ga'ee qaban hunda waliin qindaa'uudhaan ayyaanonni bara haaraa, Masqalaafi Irreechaa duudhaasaanii eeggatanii akka kabajamaniif ummata hirmaachisuun akka hojjetamu ibsaniiru. Muuxannoo bara darbeerraa ka'uudhaan karoori qophaa'es qophii barbaachisaan xumuramu himanii; ergaa бага bara haaraa geessaniis lammilee Itoophiyaa hundaaf dabarsaniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa Magaalaa Shaggar Obbo Leenjisa Jootes gamasaaniin, ayyaanonni bara haaraa duudhaasaa eeggatee akka kabajamuuf waajjira milishaafi Qajeelcha Olaanaa Poolisii Magaalaa Shaggar, Poolisii Oromiyaa federaalaa waliin qophiin taasifameera. Guyyaa ayyaana qofa osoo hintaane guutummaa Shaggaritti olaantummaa seeraa kabachiisuufi yakka ittisuuf ummanniifi dargaggootni caasaa nageenyaa waliin ta'uun hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Ayyaanonni bara haaraa duudhaasaanii eegani akka kabajamaniif muuxannoo ayyaanotaa baroota darbanirraa horataman bu'ura godhachuudhaan ayyaana bara haaraa, Daamaraafi Irreechaa karoori ba'ee hawaasa waliin mariin gaggeeffameera jedhan.

Shaggaritti ayyaana Daamaraa bakkawwan 80 olitti, Irreecha Hora Finfinneefi Harsadee dabalatee bakkawwan 19 olitti kabajamurratti humna nageenyaa ga'aa bobbaasuuf qophiin xumurameera. Qaamolee nageenyaa Magaalaa Finfinnee, aanaaleefi godinaalee ollaa waliin qindoominaan hojjetamaa jiraachuus himanii; ummati, keessumaa dargaggootni, gaachanni sirnaa, milishaan magaalaa Shaggar ayyaanonni kunniin duudhaasaanii eegani akka kabajamaniif ga'eesaanii akka ba'aniif waamicha dhiyeessaniiru. Ergaa бага geessaniis lammilee biyyattii hundaaf dabarsaniiru.

“Finfinnee kaleessa Oromoon dabaan keessaa buqqifamaa turetti...”

aadaa, seenaa, duudhaafi saafeeffannaasaa ofisaaf qofa otoo hinta'iin addunyaafis gumaachaa jira jedhan. Keessattuu sirni Gadaa sirna bulchiinsa dimokraasii addunyaan ittiin bulaa jirtuufis bu'ura kan gumaacheedha jedhan.

Ummanni Oromoo aadaasaa keessatti gaddaafi gammachuusaa, gootummaafi misoomasaa, tokkummaafi nageenyasaa aadaa ittiin beeksifatu, aadaa ummata wajjin jiraatu, kan obbolummaa, sirnoota jajjaboo qabuudha jechuunis ibsaniiru.

Haa ta'u malee sirnoonni darban duudhaa, aadaafi seenaa ummanni kun qabu cabsuufi hucuucuu, afaansaatiin akka hindubbanne,

aadaasaa akka hinagarsiifanne duubatti dhiibuun biyya Itoophiyaa jedhamtutti abbaa ta'uu mitii lammummaa Itoophiyaa argachuuf, eenyummaafi aadaasaa gatee kan ormaa akka fudhatuuf dhiibbaa guddaan irra gahaa ture jechunis eeran.

Akka hoggantuun tun jedhanitti, ummanni Oromoo yeroo kamuu dhiibbaa irra tureef otoo harka hinkennatiin, hinjilbeenfatiin, jalatti hinkufiin, diddaa garbummaa, eenyummaa, aadaafi duudhaasaa kabachiisuuf qabsoo hadhaawaa taasisaa tureera.

Qabsoon taasises kan gurmaa'ina qabu, waldhageettiifi ilaafi ilamee... qabu, kan qeerroofi qarree hedduun dhiigasaanii itti

dhangalaasan, lafeensaani itti cabe, hayyuu baay'een jireenya baqannaatiif, kan barreessuufi dubbachuu dadhabe, seenaan ummataa Oromoo akka hindabneef falmate gatii guddaa kanfala tureera.

Dhiigniifi lafeen qeerroofi qarree hayyootaafi hoggantoota siyaasaa keenyaan mootummaa jijjiiramaa Oromoof wabii ta'uu danda'u, Itoophiyaatti gaaffilee sabootaafi sablammiileef deebii kennuu danda'u, Itoophiyaa waliin miidhagu ijaaruu danda'u, ilmaan abbaa Gadaa mootummaa sirna Gadaatiin ijaaram seenaan bade deebi'era jechuun Aadde Jamiilaan ibsaniiru.

Ammas aadaan Oromoo sirnoota kanaan dura

badaniifi hucuucaman deebisuuf mootummaan naannoo Oromiyaa hojjele bal'aa hojjetaa jiru cimsee ittifufa jedhan.

“Finfinnee kaleessa Oromoon dabaan keessaa buqqa'e keessatti sirna Goobee Shinooyyee deebisnee bilisummaan kabajaa jirra” jedhanii, ayyaanota kaanis bifa bareedaafi ho'adhaan kabajuun akka ittifufu ibsaniiru.

Akkuma sirni Goobee Shinooyyee bareedee eegalame kana, Irreechi dhufus karaa nagaa, jaalalaa, bareedaafi hawwataa ta'een akka kabajamuuf dargaggootniif kutaaleen hawaasaa marti gaheesaanii akka bahataniif waamicha dhiyeessaniiru.